IslamHouse.com



OROMO
OROMOO
أورومو

مظاهر ضعف الإيمان

# MALLATTOO LAAFINA IIMAANAA

## DHUKKUBA - SABABA ISAA - WALLAANSA


Qopheessaa

**Muhammad Saalih Almunajjid**

Hiikaa

Gaalii Abbaaboor Abbaaguumaa

Gulaala

Shekh Jamaal Shekh Muhammad

OROMO
OROMOO
أورومو

# مظاهر ضعف الإيمان

## مشاكل - أسباب - حلول

تأليف
الشيخ صالح المنجد

ترجمة
الداعية غالي أبابور

مراجعة
الداعية جمال محمد أحمد

مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com

أُعد هذا الكتاب وصمِّم من قبل مركز أصول، وجميع الصور المستخدمة في التصميم يملك المركز حقوقها، وإن مركز أصول يتيح لكل مسلم طباعة الكتاب ونشره بأي وسيلة، بشرط الالتزام بالإشارة إلى المصدر، وعدم التغيير في النص، وفي حالة الطباعة يوصي المركز بالالتزام بمعاييره في جودة الطباعة.

+966 504 442 532
+966 11 445 4900
+966 11 497 0126
P.O.BOX 29465 Riyadh 11457
osoul@rabwah.com
www.osoulcenter.com

Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim

# BAAFATA


| | | |
|---|---|---|
| 1 | YAADAA GULAALAA | 9 |
| 2 | DURSA ABBAA HIIKEE DURSA | 11 |
| 3 | DURSA | 13 |
| 4 | MALLATTOOLEE DADHABINA IIMAANAA | 17 |
| 5 | SABABA DADHABINA IIMAANAA | 37 |
| 6 | WALLAANSA DADHABINA IIMAANAA | 49 |

# YAADAA GULAALAA

Kitaabni mallattoo dadhabinna iimaanaa jedhamu kuni irra filatamaa kitaabban waayee iimaanaa keessatti qopheeffame keessa isa tokko. Abbaan isa qopheesses sheekha guddaa beekamaa shekh Muhammad saalih almunajjid Rabbi irraa haajaalatu. Akkana jechuun nama beekamaatu kitaaba beekama ummata muslimaatiif gumaache jechuudha. Ustaaz gaalii abbaaboor carraaqa jabaa godhee afaan keenya afaan oromootti hiikee akka ummanni keenya waayee towbaa murteessituu tana afaan isaatiin dubbisee hubatu godhe. Rabbiin kan kqopheesseefii kan hikes isaan lameenu irraa haajaalatu, jannataanis galata haa galchuuf. Nutis gulaallee maxxansaafii karaa interneetiinis raabsinee akka ummata keenya bira gayu goone. Rabbiin nurraa haaqeebalu. Dhumarratti ummata keenyaa hundaan keessaattu dargaggootaafii barattootaan kitaaba kana akka dubbistanii irraa barattan isinii dhaamsa dabarsina. Jaarraan jirru jaarraa beekkomsaa, saayinsiifii teeknoloojii waan taheef barnoota islaamaarratti akka jjajjabaattan isiniin jennaa. Barnootaafii ogummaa qabdaniinis diin keessan akka tajaajiltan isin yaadachiisna.

**Shekh Jamaal shekh Muhammad**
**shekhjamal@yahoo.com**
**F/B: Abu Saalih Almuhajiri**
**00966505697461 KSA Riyadh**

# DURSA ABBAA HIIKEE

Maqaa Rabbii akkaan mararfataa akkaan rahmata godhaa ta'eetiin

الحمد لله والصلاة والسلام على رسول الله نبينا محمد وعلى آله وصحبه أجمعين

Faaruun hunduu kan Rabbii ilma namaa dhabama irraa argamsiisee akka Isa gabbaranus ajaja Isaa Ergamaa Isaatti buuseeti. Rahmanniifi nageenyi Nabiyyii keenya Muhammadiifi nama hanga Guyyaa Qiyaamaatti isaan hordofe cufa irraa haa jiraatu.

Kana booda:
Sababni Rabbiin ergamaa nutti ergeef akka nuti hamileedhaan isa gabbarruufi. Garuu yeroo haala keenya amma itti jirru kana ilaallu hamileen ibaadaa nu keessaa fuudhamee jira. Ani kan nama biraa hin beeku malee hamileen kiyya zeeroo ta'ee jira jechuun danda'a. Rabbiin hamilecha nuuf haa deebisu. Egaa wanti kun dhukkuba guddaadha. Dhukkubni kamuu sababa mataa isaa qaba. Iddoo sababa isaa ga'uun duratti garuu namni tokko dhukkubsateera moo hin dhukkubsannee beekuuf mallattoon ittiin baran jiraachuun dirqama ta'a. Erga kanaatiiyyi sababni baramee wallaansi itti barbaadama.

Yoo tarkaanfii kana hordofnee wallaansa dhukkuba kanaaf barbaanne –inshaa’a Allaahu- hamileen ibaadaa keenyaa nutti deebi’ee nashaaxaadhaan Rabbiin gabbaruu dandeenya. Egaa mallattoo dhukkuba dadhabina iimaanaa, sababa inni ittiin uumamuu danda’eefi wallaansa isaa baruuf kitaabni Shaykh Muhammad Saalih Almunajjid barreesse kun akkaan bu’a qabeessa. Nama isa dubbiseefis bu’aa guddaa buusa jechuu abdiin qaba. Sababa kanaafin hangan danda’een Afaan Oromoottis hiikuuf yaale. Nama dhukkuba iimaana isaa wallaannatee hamilee gahaa ta’een Rabbiin gabbaru hunduma keenyaa Rabbiin nu haa taasisuu. Ummata keenyas Rabbiin hamilee ibaadaa, kan Qur’aana qara’uu, du’aa’ii kadhachuu, salaata sunnaa salaatuu, sooma sunnaa soomuu, zikriiwwan jechuu, salaata jamaa’aatti hirmaachuufi kkf irratti nashaaxa gahaa nuuf haa kennu. Rahmanniifi nageenyi Ergamaa Rabbii, maatii isaanii, sahaabota isaaniifi namoota hanga Guyyaa Qiyaamaatti isaan hordofan cufa irra haa jiraatu.

**Gaalii Abbaaboor**





# DURSA

Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Ta’eetiin

Dhugumatti faaruun hunduu kan Rabbiiti; Isa ni faarsina. Gargaarsas isa irra barbaanna. Dhiifamas Isa irraa barbaanna. Hamtuu lubbuu keenyaatii fi diliiwwan dalagaa keenyaa irraa Rabbitti maganfanna. Nama Rabbiin isa qajeelche wanti isa jal’isu hin jiru; nama inni jallise immoo wanti qajeelchu hin jiru. Dhugaan gabbaramaan Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne malee hin jiru jechuu ragaan ba’a. Muhammadis gabricha isaatii fi ergamaa Isaa ta’uu ragaan ba’a ﷺ.

Rabbiin ol ta’e ni jedhe:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱتَّقُواْ ٱللَّهَ حَقَّ تُقَاتِهِۦ وَلَا تَمُوتُنَّ إِلَّا وَأَنتُم مُّسۡلِمُونَ﴾ [آل عمران: ١٠٢]

***“Yaa warra amantan! Dhugaa sodaa isaa Rabbiin sodaadhaa; Muslimoota taatan malees hin du’inaa.”*** (Aali Imraan: 102).

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ ٱتَّقُواْ رَبَّكُمُ ٱلَّذِي خَلَقَكُم مِّن نَّفۡسٖ وَٰحِدَةٖ وَخَلَقَ مِنۡهَا زَوۡجَهَا وَبَثَّ مِنۡهُمَا رِجَالٗا كَثِيرٗا
وَنِسَآءٗۚ وَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ ٱلَّذِي تَسَآءَلُونَ بِهِۦ وَٱلۡأَرۡحَامَۚ إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ عَلَيۡكُمۡ رَقِيبٗا﴾ [النساء: ١]

***“Yaa namootaa! Gooftaa keessan Isa lubbuu tokko (Aadam) irraa isin uumee, ishee irraas cimdii ishee***

***(Hawwaa) uumee, isaan lamaan irraas dhiirotaa fi dubartoota baay'ee tamsaase sodaadhaa. Rabbii ittiin wal kadhattanii fi firummaas (kutuu) sodaadhaa. Dhugumatti, Rabbiin isin to'ataa dha."*** (Annisaa'i: 1).

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ ٱتَّقُوا۟ ٱللَّهَ وَقُولُوا۟ قَوْلًا سَدِيدًا ﴿٧٠﴾ يُصْلِحْ لَكُمْ أَعْمَٰلَكُمْ وَيَغْفِرْ لَكُمْ ذُنُوبَكُمْ ۗ وَمَن يُطِعِ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ فَقَدْ فَازَ فَوْزًا عَظِيمًا﴾ [الأحزاب: ٧٠-٧١]

***"Yaa warra amantan! Rabbiin sodaadhaa; jecha sirrii dubbadhaa. Dalagaalee keessanis isiniif tolcha; badiiwwan keessaniis isiniif araarama. Namni ajaja Rabbii fi ergamaa Isaatiif ajajame dhugumatti milkii guddaa milkaa'eera."*** (Al-ahzaab: 70-71).

Kana booda:
Mallattoon dadhabina iimaanaa waan ummata wal ga'ee jidduu Muslimaatti faffaca'e irraayi. Namoonni baay'een gogina qalbii isaanii himatu. Jechoonni isaanii kun ni deddeebiti: 'goginatu qalbii kiyya keessaa natti dhaga'ama; mi'aan ibaadaa homaa natti hin dhaga'amu. Iimaanni kiyya akkaan gadi kufuun beeka. Qur'aana qara'uun homaa mallattoo wahii narratti hin uumu. Bifuma salphaanin badii keessa seena' jedhu. Hedduun namootaa mallattoon dhukkubaa (badii) isaan irratti ifee mul'ata. Dhukkubni kun bu'uura musiibaa cufaati; hanqinaafi balaa hundaafuu sababa ta'a.

Mata dureen waa'ee qalbii mata duree yaachisaadha.




Wanti qalbiin[1] qalbii jedhameef waan inni ariitiidhaan garagaggaluufi. Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"sababni qalbiin qalbii jedhameef garagaggaliinsa isaa qofa irraayi. Fakkeenyi qalbii akka qoochoo (goflaa) hundee mukaatti fannifamtee qilleensi duraafi duubatti garagaggalchuuti."** Ahmadtu gabaase; inni sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

Gabaasa biraatiin immoo "fakkeenyi qalbii akka qoochoo lafa gammoojjiitti qilleensi duraafi duubatti garagalchuuti." Ibn Abuu Aasimtu kitaaba Sunnaa keessatti gabaase. Sanadni isaa sahiiha.

Inni akkuma Ergamaan Rabbii ﷺ "qalbiin ilmaan Aadam garagaggaluu keessatti okkotee akkaan wacee garagaggalu irra ariifataadha" jedhan akkaan garagaggala. Gabaasa biraatiin ni jedhan: "qalbiin garagaggaluu keessatti distii ishee akkaan wacite irra cimtuudha." Ahmadtu gabaase. Rabbiin ol ta'e Isatu qalbii akka fedhe garagaggalcha; ishee jijijjiira. Abdullaah bin Amr bin Al-aas irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii ﷺ jedhanuun dhaga'e: **"Qalbiin ilmaan Aadam hundinuu jidduu qubbeetii lamaan qubbeetii Rahmaan irraa ta'aniiti. Akka qalbii tokkichaa bakka fedhetti isa jijijjiiruuti."** Sana booda Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"yaa Rabbii qalbii**

1 Qalbi jechuun akka Lughaa Arabaatti garagaggalaa jechuudha. Sababa inni yaadaan yeroo yerootti jijjiiramuuf onneen qalbii jedhamee moggaafame.

**garagaggalchitu! Qalbii keenya gara siif ajajamuutti garagalchi.”** Muslimtu gabaase.

Odoma qalbii kana Rabbiin bakka fedhetti jijijjiira ta’uu, Guyyaa Qiyaamaa immoo nama qalbii nagaadhaan (qalban saliimiin) gara Rabbii dhufe malee eenyunuu ibidda irraa bilisa hin ba’u. Badiin warra qalbiin isaanii zikrii Rabbii irraa gogeef mirkanaa’eera. Wareegni jannataa immoo nama Rahmaaniin ghaybiitti sodaatee qalbii gara Isaa deebituu taateen dhufeef mirkanaa’eera. Kanaafuu Mu’umina irratti qalbii isaa hordofuun, bakka dhukkubni ishee jiru baruun, sababa dhukkubichaa baruuniifi odoo haguuggiin ishee irratti hin moo’in dura wal’aansa keessa seenuun dirqama ta’a. Dubbiin kun akkaan cimaadha; akkaataanis sodaachisaadha. Rabbiin qalbii goggodduu, cufamtuu, dhukkubsattuu, jaamtuu, qollofamtuu, gadi gombifamtuufi kedda’amtuu irraa nu sodaachiseera.

Barnoota itti aanu keessatti mallattoolee dadhabina iimaanaa, sababa isaafi wal’aansa isaa barachuuf yaalla. Rabbiin anaafi obboleeyyan kiyya Muslimaa hojii kanaan fayyaduufi nama isa raabsuu keessatti hirmaates mindaa guutuu isa mindeessuun kadha. Qalbii keenya laaffisee ishee sirreessuuf Rabbuma qofatu kadhatama. Inni gargaaraa ta’uun toleera. Inni gahaa keenya; isarratti hirkachuunis toleera.





# MALLATTOOLEE DADHABINA IIMAANAA

Dhukkubni dadhabina iimaanaa mallattoolee heddu qaba. Isaan irraa gariin:

**Dilii keessa seenuufi haraama dalaguu:**

Warra dilaawoo irraa nama dilii hojjatee isheerra turutu jira. Ammas isaan irraa nama gosa dilii baay’ee hojjatutu jira. Dilii keessa seenuu baay’isuun waan sana gara aadaatti jijjiiree wanta beekamaa wahii taasisa. Sana booda suuta suutaan fokkinni ishee qalbii irraa deema. Ergasii dilaawachi ishee dirree baasee hojjachuun hadiisa isa “ummanni kiyya hundinuu diliin isaaniif araaramoodha warra dirree ishee baasan malee. Dirree ishee baasuu irraa tokko, namichi halkan keessa hojii wahii hojjatee Rabbiin isa dhoksee bullaan ganama ‘yaa abalu ani halkan edaa waan akkasii akkasiin hojjadhe’ jedha; Rabbiin immoo haala isa satareen isa bulche; inni immoo ganama sitrii Rabbii of irraa saaqaa ka’a” jedhu keessa seena. Bukhaariitu gabaase.

**Qalbiin goguun itti dhaga’amuu:**

Hanga namoonni qalbiin isaa gogee dhagaa gogaatti

jijjiiramee homaayyuu isa hin jiisu, wanta tokkoonuu hin jijjiiramu jechuu yaadu tokko ga'a. Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿ثُمَّ قَسَتۡ قُلُوبُكُم مِّنۢ بَعۡدِ ذَٰلِكَ فَهِيَ كَٱلۡحِجَارَةِ أَوۡ أَشَدُّ قَسۡوَةٗ﴾ [البقرة: ٧٤]

***"Ergasii booda onneen keessan ni gogde. Isheen (gogiinsa keessatti) akkuma dhagaati; yookiin goginaan ni caalti."*** (Albaqaraa: 74).

Namichi qalbiin isaa goge gorsi du'aa, janaazaa arguu, janaazaa ofumaa isaatiif baachuuniifi awwaaluun homaa isa hin jijjiirtu. Adeemsi inni qabrii jidduu deemu adeemsa isaa kan jidduu dhagootaa deemuun wal fakkaata.

### Ibaadaa sirreessanii hojjachuu dhiisuu:

Yeroo salaataa, Qur'aana qara'uu, du'aa'iifi kkf sammuun bakka biraa yaaduun, hiika zikrii jedhamuu xiinxaluu dhiisuu, bifa irra deddeebi'aa taatiyeessaa ta'een qara'a. Kun immoo yeroo isa tiksee qara'eedha. Odoo du'aa'ii murtaa'e wahii kan sunnaadhaan dhufte yeroo murtaa'aa keessa aadeffatee hiika du'aa'ii kanaa homaa hin xiinxalu. Rabbiin qulqullaa'ee ol ta'e immoo **"du'aa'ii qalbii dagattuu irraa hin qeebalu."** Tirmiziitu gabaase. Inni Silsilaa sahiihaa keessas ni jira.

### hojii khayriifi ibaadaa irraa taatiaayuu, ishee dhiphisuudha.

Yeroo ishee hojjatus isheen sochii gogduu ruuhii hin qabneedha. Rabbiin Munaafiqoota dubbatee ni jedhe:



﴿وَإِذَا قَامُوٓاْ إِلَى ٱلصَّلَوٰةِ قَامُواْ كُسَالَىٰ﴾ [النساء: ١٤٢]

***"yeroo gara salaataa dhaabatan taatiyaa'aa dhaabbatu."*** (Annisaa'i: 142).

Yeroon khayriifi ibaadaa isa darbinaan gadduu dhabuunis kana jala seena. Kun immoo namichi ajrii argachuudhaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuu isaa akeeka. Odoma danda'uu hajjii tursiisa. Odoo inni taa'uu lolli isa taree deema. Salaata jamaa'aatiifi salaata Jumu'aa irraa booda hafa. Dhugumatti Ergamaan Rabbii ﷺ jedhaniiru: **"ummanni wahii saffii tokkoffaa irraa booda hafuu hin dhiisanu hanga Rabbiin ibidda keessatti booda isaan aansutti."** Abuu daawudtu gabaase. Hadiisichi Sahiih Attarghiib keessa jira.

Namni akka kanaa yeroo salaata dirqamaa irraa rafeyyuu dhiphinni wahii homaayyuu qoma isaatti hin dhaga'amu. Akkasumas yeroo salaanni sunnaa raatibaa isa tare, yookiin zikriin inni aadeffate wahii isa tare qadaa baasuufi waan isa darbe bakka buusuu fedhii hin qabu. Akkasuma waan sunnaa ta'e hundaafi wantoota fard alkifaayaa ta'an cufa beekaa dabarsa. Salaata iidiittis hirmaachuu dhiisuu isaatu mala. Kana waliin beektoleen gariin isheetti hirmaachuun dirqama jedhaniiru. Salaata kusuufaa (kan yeroo jiiniifi aduun gaaddiddaa'e salaatamu)tti hin hirmaatu. Bakka janaazaa dhaqufi itti salaatuu irratti

homaa hin xiyyeeffatu. Walumaa galatti inni waan mindaa Aakhiraa argamsiisu irraa duuba deebi'aadha. Isarraa of ga'aadha. Kun immoo faallaa jecha Rabbiiti:

﴿إِنَّهُمْ كَانُوا يُسَارِعُونَ فِي الْخَيْرَاتِ وَيَدْعُونَنَا رَغَبًا وَرَهَبًا وَكَانُوا لَنَا خَاشِعِينَ﴾ [الأنبياء: ٩٠]

***"Dhugumatti, isaan (nabiyyoonni) toltuu keessatti kan daddafan ta'anii kajeellaa fi sodaan (guutamanii) kan Nu kadhatanii fi Nu sodaatan ta'aniiru."*** (Al-ambiyaa'i: 90).

Ammas mallattoo dadhabina iimaanaa kan ta'e khayrii hundarrattuu taatiyaa'uu, sunnaa raatibaa, salaata laylii, yeroodhaan gara masjidaa deemuufi sunnaa biraa kan akka salaata adduhaa hojjachuu irraa taatiyaa'uu. Salaata tawbaatiifi salaata istikhaaraa dhiisii warri dubbatamee dabre kunuu sammuudhuma isaa irra hin dhufu.

**Qomni isaa dhiphachuu, haalli isaa jijjiiramuu, uumamni isaa walitti hidhamuu dha.**

Akka waan namicha irra ba'aan guddaan inni ittiin deemu jiruuti. Namichi waan xiqqoo wahii irratti haalli isaa jijjiiramee uff! jechuu baay'ata. Sochii namni naannoo isaatii godhu cufaanuu qomni isaa dhiphachuutu itti dhaga'ama. Bal'inni nafsii isa irraa deemti. Ergamaan Rabbii ﷺ waa'ee iimaanaa ibsanii ni jedhan: "iimaanni obsaafi qoma bal'achuudha." Mu'umina immoo akkana





jedhanii ibsan: "inni namaan waliif ta'a namnis isaan wal bara. Nama namaan wal hin barreefi ittiin wal hin baramne keessa khayriin hin jiru."

**Aayatoota Qur'aanaatiin homaa jijjiiramuu dhabuudha.**

Wareega isaatiin, dinniina isaatiin, ajajaafi dhorgaa isaatiinis ta'ee ibsa isaa kan waa'ee Qiyaamaatiin hin jijjiiramu. Namni iimaanni isaa dadhabaa Qur'aana dhaggeeffachuu irraa ni taatiyaa'a. lubbuun isaa Qur'aana qara'uu itti fufuu hin dandeessu. Hanguma Mus-hafa banuun cufuutti dhihaata.

**Yeroo zikriifi du'aa'ii Rabbiin dagachuu:**

Zikriin isarratti ulfaata; yeroo harka isaa du'aa'iif ol fuudhe dafee walitti deebisee deema. Rabbiin ol ta'e immoo akkana jedhee Munaafiqoota ibse:

﴿وَلَا يَذْكُرُونَ اللَّهَ إِلَّا قَلِيلًا﴾ [النساء: ١٤٢]

***"xiqqoo malee Rabbiin hin faarsanu (hin zakkaranu)."*** (Annisaa'i: 142).

**Yeroo wantoonni Rabbiin dhorge hojjatamu dallanuu dhiisuu:**

Sababni isaas balalli inaaffii qalbii isaa keessaa dhaamteetti. Qaamnis hamtuu dhorguu irraa onteetti. Hiriyaa isaa gaariitti hin ajaju; hamtuu irraa hin dhorgu. Fuulli waa'ee Rabbiitiif jecha takkumaa hin jijjiiramtu. Ergamaan Rabbii

ﷺ qalbii dadhabina kanaan dhukkubsate hadiisa sahiiha keessatti akkana jedhee ibse: "mokkoroon (fitnaan) akka salleenii muka tokko tokkoon walitti fidamuu qalbii irra dhufti. Qalbiin ishee dhuge kamuu (kan isheen baay'inaan keessa seente hundinuu) qabxiin gurraattiin ishee irra buuti." Kana booda itti fufee akkuma Ergamaan Rabbii ﷺ dhuma hadiisaa keessatti **"akka kubbaayyaa gadi gara galee gurraacha burree kan waan qalbii isaa keessa seene san malee gaarii gaarummaa isaa hin beekne, hamtuus hamtuu ta'uu isaa hin beekne ta'a"** jedhan san ta'a. Muslimtu gabaase.

inni kun qalbii isaa irraa gaarii jaallachuufi hamtuu jibbuun deemeera. Wantoonni kun isa biratti wal qixxaatteetti. Maaltu gaariitti ajajuufi hamtuu irraa dhorguutti isa kaasaree? Inumaayyuu badii lafarratti hojjatamu dhaga'ee isa jaallatee diliin fakkaataa nama isarratti hirmaatee isa mirkaneessee isarratti ta'a. Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"yeroo diliin lafa irratti hojjatamte namni isheetti hirmaatee ishee morme akka nama irraa fagaatee ta'a. Namni ishee irraa fagaatee ishee jaallate immoo akka nama isheetti hirmaatee ta'a."** Abuu Daawudtu gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

badii kana jaalachuun isaa kun hojii qalbiiti. Isatu dilii nama itti hirmaatee isarratti fide.




**Mul'achuu jaalchuu: inni kun bifa heddu qabu.**

Isaanis:

**Hogganaa ta'uu fedhuu,** itti gaafatamummaafi rakkoo isaa homaatti lakkaa'uu dhiisuudha. Inni Ergamaan Rabbii ﷺ irraa dinniinan isa kana: **"isin hogganaa ta'uu irratti bololuuf jirtu; isheen immoo Guyyaa Qiyaamaa gaabbii ta'uuf jirti. Isheen hoosiftuun toltee kan guute immoo baddeetti."** Bukhaariitu gabaase.

Jechi inni hoosiftuun tolte jedhu jalqabni ishee namichatti ni tola jechuudha. Sababni isaas qabeenya, kabajaafi qananiitu wajjin jira waan ta'eef. Jechi gu'uutti fedhame immoo dhuma ishee jechuudha. Sababni inni fokkataa ta'eef immoo dhumarra ajjeechaa, shaaramuufi Guyyaa Qiyaamaa hordoffiidhaan barbaadamuutu jira waan ta'eef. Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"yoo feetaniif waa'ee hoggantummaatiifi maal akka isheen taate sinittin hima. Jalqabni ishee komiidha; lammaffaan ishee gaabbiidha; sadaffaan ishee immoo nama haqa hojjateef malee Guyyaa Qiyaamaa azaaba ta'a."** Xabraaniitu Kabiir keessatti gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

Odoo wantichi bakka namni isa caalu itti hin argamnetti qabsaa'ee gorsaafi haqaan dhaabbatee waajiba hojjachuufi itti gaafatummaa baay'achuu ta'ee silaa akkuma Yuusuf hojjate san waa tole waa kabajame jenna ture. Garuu dubbiin yeroo baay'ee jiru immoo jeequmsa ol aantummaa

barbaachaa, nama isa caalu dursuu, warra haqa qaban haqa isaanii irratti jibbuufi dhaabbata da'awaa sana irratti dhuunfaa moo'uudha.

**Taa'icha keessatti dura ta'uu,** haasaa keessatti filatamuufi dhaggeeffataa kan biraa irra horachuufi ajajni kan isaa ta'uu fedhuudha. Taa'icha keessatti fuuldura ta'uun isa Ergamaan Rabbii ﷺ irraa nu dhorganiidha: **"dura taa'uu irraa eeggadhaa."** Bayhaqiitu gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

**Sababa jaalalli of guddisuu** lubbuu isaa dhukkubsattuu taate keessa guutteef jecha yeroo inni alaa ol seene namni isaaf ka'ee dhaabbachuu jaalachuu: Ergamaan Rabbii ﷺ dhugumatti jedhanii jiru: **"namni gabroonni Rabbii isaaf ol ka'ee dhaabachuun isa gammachiise mana ibidda irraa ta'e haa qopheeffatu."** Bukhaariitu Adab Almufradiin keessatti gabaase.

Kanaafuu yeroma Mu'aawiyaan Abdullaa bin Zubeeriifi Ibn Aamir bira dhufu ibn Aamir ka'ee dhaabbate Ibn Azzubeer ni taa'e. Mu'aawiyaan Ibn Aamiriin ni jedhe: taa'i! ani Ergamaa Rabbiitii ﷺ jedhanuun dhaga'e: **"namni namoonni isa jalaa ka'anii dhaabbachuufi jaallate taa'icha isaa ibidda irraa haa qopheeffatu."** Abuu Daawudiifi Bukhaariitu Adab Almufradiin keessatti gabaasan. Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira.





Namoonni akka kanaa odoo sunnaan hojiirra oolchamee inni dhiifamee mirgarraa eegalamee dallansuutu itti dhufa. Yeroo bakka ta'e seene namoonni isa jalaa ka'anii bakka sana taa'u malee hin jaalatu. Kun immoo odoma Ergamaan Rabbii ﷺ "namni tokko nama biraa kaafatee ergasii bakka isaa hin taa'in" jedhanuuti. Bukhaariitu gabaase.

**Mallattoo dadhabina iimaanaa irraa kaan immoo doqnummaadha.**

Rabbiin Ansaarota faarsee ni jedhe:

﴿وَيُؤْثِرُونَ عَلَىٰٓ أَنفُسِهِمْ وَلَوْ كَانَ بِهِمْ خَصَاصَةٌ﴾ [الحشر: ٩]

***"odoma rakkoo cimaa qabanuu lubbuu isaanii irra (muhaajiroota) filatu."***

Milkaa'onni warra doqnummaa lubbuu isaanii irraa tiksan akka ta'es nuuf ibse. Iimaanni dadhabuun akka doqnummaa uumu homaa shakkii hin qabu. Inumaayyuu Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"yoomuu iimaanniifi doqnummaan qalbii gabrichaa keessatti walitti hin qabamu."** Nasaa'iitu gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

Rakkoo doqnummaatiifi jijjiirama ajaa inni lubbuu irratti fidu immoo Nabiyyiin ﷺ ibsaniiru: **"doqnummaa irraa fagaadhaa; namoonni isiniin duraa kan halaakaman doqnummaadhaani. Doqnummaatti isaan ajajnaan doqnoomani; firooma kutuutti isaan ajajnaan firooma kutan. Jallinatti isaan ajajnaanis ni jallatan."** Abuu

Daawudtu gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

Doqnummaa ilaalchisee namni iimaana dadhabaa odoma waamichi sadaqaa godhamee, hiyyummaan obboleeyyan isaa Muslimaa irratti mul'attee musiibaan isaan tuqxes waaan tokkollee Rabbiif jecha baasuutti hin dhihaatu. Waa'ee kanaa keessatti immoo dubbii Rabbii irra wanti bakkaan ga'ee dubbatu hin jiru:

﴿هَٰٓأَنتُمۡ هَٰٓؤُلَآءِ تُدۡعَوۡنَ لِتُنفِقُواْ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ فَمِنكُم مَّن يَبۡخَلُۖ وَمَن يَبۡخَلۡ
فَإِنَّمَا يَبۡخَلُ عَن نَّفۡسِهِۦۚ وَٱللَّهُ ٱلۡغَنِيُّ وَأَنتُمُ ٱلۡفُقَرَآءُۚ وَإِن تَتَوَلَّوۡاْ يَسۡتَبۡدِلۡ قَوۡمًا غَيۡرَكُمۡ ثُمَّ
لَا يَكُونُوٓاْ أَمۡثَٰلَكُم﴾ [محمد: ٣٨]

***"Isin warri kun dhaga'aa! Karaa Rabbii keessatti arjoomuuf waamamtu. Isin irraa nama doynoomuutu jira. Namni doynoome kan inni dooynoomu lubbuma isaa irratti. Rabbiin dureessa; isintu hiyyeeyyii dha. Yoo duubatti deebitanis, (Rabbiin) namoota biraa kan isin hin ta'in bakka keessan buusa. Isaan ergasii akka keessan hin ta'an."*** (Muhammad: 38).

**Kan biraa immoo namni waan hin hojjanne dubbachuudha:**

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ لِمَ تَقُولُونَ مَا لَا تَفۡعَلُونَ ۝٢ كَبُرَ مَقۡتًا عِندَ ٱللَّهِ أَن تَقُولُواْ
مَا لَا تَفۡعَلُونَ﴾ [الصف: ٢-٣]

***"Yaa warra amantan! Maaliif waan hin hojjanne haasoftu? Waan hin hojjanne haasa'uun keessan jibbansi isaa Rabbiin biratti guddate."*** (2-3).





Kun gosa munaafiqummaa irraa ta'uun shakkii homaa hin qabu. Namni jechi isa gocha isaa faallesse Rabbiin biratti arrabsamaa nama biratti immoo jibbamaa ta'a. warri ibiddaallee maalummaa namicha gaariitti ajajaa ofii hin hojjanneefi hamtuu irraa dhorgaa ofii hojjatuu baruuf jiru.

**Rakkoo Muslima tuquun, khasaaraa isaan qunnamuufi qananiin isaan irraa deemuudhaan gammaduu:**

Sababa ni'imaan isaanirraa deemeef gammada. Wanti inni duraan isarraa ittiin adda ta'u waan hafeef isa gammachiisa.

**Mallattoo dadhabina iimaanaa irraa tokko waan tokko ogga ilaalu dilii qabamoo hin qabuu qofa ta'a.**

Waa'ee wanti kun jibbamaa (makruuhamoo) mitii hin ilaalu. Namni tokko tokko yeroo hojii hojjatu hojichi khayrii qabaa jechuu hin gaafatu; kan inni gaafatu sadarkaa dilii ni dhaqqabamoo hin dhaqqabu? Inni haraamamoo makruuhumaa qofa? Lubbuun isheen akkanaa shubhaafi haraama keessa nama buufti. Kun immoo guyyaa tokko haraama keessa nama buusuutti geessa. Abbaan ishee kun wanti hojii jibbamaa yookiin mutashaabiha irraa waan inni haraama hin ta'iin isa dhorgu hin jiru.

Kun immoo waanuma Nabiyyiin ﷺ himaniidha: **"namni**

**shubahaa (waan wal fafakkaataa) keessa seene haraama keessa seeneera; akka tiksee naannoo daangaa irra tiksuu kan isheen keessa seentee dheeduutti dhihaattuuti."** Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

Inumaayyuu namni tokko tokko yeroo fatwaa wahii gaafatee haraama ta'uun isaa itti himame 'haraamummaan isaa kun cimaadhamoo akkam laata? Diliin isarraa namatti dhufu hagami?' jedhee gaafata. Namni akka kanaa waan dhorgamaafi dilii irraa fagaachuuf xiyyeeffannoo hin kennu. Inumaayyuu inni haraama sadarkaa gadii dalaguuf qophii qaba.

Diliidhaan xiqqoodha jedhanii tuffachuun immoo haraama Rabbii irratti jagnoomuufi jidduu namichaatiifi diliitii girdoon ka'uu namarratti uuma. Kanaafuu Ergamaan Rabbii ﷺ hadiisa sahiiha keessatti ni jedhan: **"Guyyaa Qiyaamaa ummata kiyya irraa nama hojii gaarii hanga gaaraa Tihaamaatiin dhufanii ka'anii Rabbiin dhukkee facaafamtuu isaan jalaa taasisu nan beeka." Sawbaan ni jedhe: 'akka nuti odoo hin beekin isaan irraa hin taane isaan nuuf ibsaa yaa Ergamaa Rabbii.' Ni jedhan: "isaan obboleeyyanuma keessan. Gosuma keessan irraayi. Halkan irraa akkuma isin waa fudhattan wahii fudhatu. Garuu isaan ummata yeroo haraama Rabbiitiin kophaa bahan ishee keessa seenanuudha."** Ibn Maajaahtu gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.



Kanuma inni waan tokko duuba deebi'uun maleetti badii keessa seenu argita. Inni akkanaa namicha heddu duuba deebi'aa badii keessa seenurra ajaadha; lamaanuu halaaka keessa jiru. Garuu inni duraa isa lammataa kanarra badaadha. Namni gosti kun sababaa dadhabina iimaana isaa irraa kan ka'e dilii waan xiqqootti lakkaa'a. waan dhorgamaa tokko akka dalagetti hin lakkaa'u. Kanaafuu Abdullaah bin Mas'uud haala Mu'uminaatiifi Munaafiqaa akkana jedhee ibse: **"Mu'uminni dilii isaa akka waan gaara isarratti kufuu ka'aaru jala taa'aaru sodaatuutti ilaala. Jallataan immoo dilii isaa akka tisiisa funyaan isaa irra dabrinaan harka isaatiin akkana jedhee ofirraa deebiseetti lakkaa'a."** Bukhaariitu gabaase.

### Dalagaa gaarii tuffachuu, khayrii xixiqqootti xiyyeeffachuu dhiisuu:

Ergamaan Rabbii ﷺ akka nuti akkas hin taane nu barsiisaniiru. Abuu Jariir irraa odeeffamee ؓ ni jedhe: Ergamaa Rabbiitti ﷺ dhufeen nan jedhe: 'yaa Ergamaa Rabbii nuti ummata warra baadiyyaa irraa taaneedha. Waan Rabbiin ol ta'e ittiin nu fayyadu nutti himi.' Ni jedhaniin: "dalagaa gaarii irraa waa tokkollee hin tuffatin odoma qalqalloo kee keessaa nama bishaan barbaaduuf buusuu ta'ee yookiin immoo odoo obboleessa kee haala fuulli kee itti diriiraa ta'een dubbisuu ta'eeyyuu." Ahmadtu gabaase. Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira.

Odoo namni tokko sihii eela keessaa bishaan baafataaruu dhugaatii barbaadee dhufnaan qalqalloo kee keessaa isaaf naqxee dalagaan kun odoma ogga ilaaltu xiqqoo ta'eeyyuu xiqqeeffachuun hin ta'u. Obboleessa isaas fuula ifaadhaan qunnamuun akkasuma. Masjida irraa xurii adda addaa odoma qola wahii ta'eeyyuu deemsisuunis akkasuma. Dalagaan xiqqoon kun dilii namaa araaramsiisuudhaaf sababa ta'uutu mala.

Sila jecha Ergamaa Rabbii ﷺ hin dhageenyee? "namni wahii gufuu mukaa dugda karaa irra jiru bira dhufee 'wallaahii kana karaa Muslimootaa irraa akka isheen isaan hin rakkifneef nan kaasa' jedhee jannata gala." Muslimtu gabaase. Nafsiin isheen khayrii xiqqoo tuffattu hamtuufi hanqinatu keessatu jira.

Adabbiin khayrii xiqqoo tuffachuu mindaa guddaa Ergamaan Rabbii ﷺ nu akeekan dhabsiisuunuu badiif isa ga'a: "namni karaa Muslimoota irraa waan rakkiftu wahii dabse khayriitu isaaf barreeffama. Nama khayriin isaa kun qeebalamteef immoo jannata seena." Bukhaariitu Adab Almufradiin keessatti gabaase. Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira. Mu'aaz odoo karaa irra nama tokkoo waliin deemaa jiruu karaa irraa dhagaa kaase. Namichis 'kun maali?' jedha. Ni jedheen: Ergamaa Rabbiitii ﷺ jedhanuun dhaga'e: **"namni karaa ta'e irraa dhagaa kaase khayriin wahii isaaf barreeffama. Namni khayriin xiqqoon wahii isaaf jirtu immoo jannata seena."** Mu'ujamul Kabiir kan Xabraanii keessatti gabaafame. Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira.





### Dhimma Muslimaatti dhimmamuu dhiisuu:

Isheef jecha homaa hin socho'u; du'aa'ii hin godhuufis; sadaqaas hin kennuuf. Hin gargaarus. Inni waan addunyaa kana irratti obboloota isaa Muslimoota mudatu kan akka diinni irratti moohuu, isaan mo'achuu, miidhamuufi gadda isaanii ilaalchisee miirri isaa qabbanaahaadha. Mataan isaa nagaa ta'uu qofaan of ga'a.

Kun bu'aa dadhabinni iimaanaa fideedha. Mu'uminni faallaa kanaati. Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: **"dhugumatti Mu'uminni warra iimaanaa biraatti sadarkaa mataan qaama keessaa qabu fudhata. Mu'uminni warra iimaanaatiif akka qaamni madaa mataa keessa jiruuf laalatu laalataaf."** Ahmadtu gabaase. Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira.

### Mallattoo iimaanni dadhabuu keessaa tokko haadni obbolummaa jidduu obboleeyyan Muslimaatii cituudha.

Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "namoonni lama Rabbiif jecha yookiin Islaamummaa keessatti wal jaalatanii badii (dilii) tokkoon isaanii raawwataniin malee adda hin bahanu." Bukhaariitu Adab Almufradiin keessatti gabaase. Ahmadis Musnada keessatti gabaase. Inni Silsilaa Sahiihaa

keessas ni jira. Inni kun faanni dilii dheerataa dhufee hidhaa obbolummaa kutuu danda'u akeeka. Kophaa ta'uun namni yeroo tokko tokko of keessatti argu sababa iimaanni dilii hojjannaan gadi buuteefi. Rabbiinis nama dilaawaa sadarkaa isaa qalbii gabroota isaa keessatti gadi kuffisa. Jidduu isaaniitti jiruu hamaa, sadarkaa kufaafi haala xiqqaataa kabajaa hin qabneen jiraata. Akkasumas Mu'uminootaan hiriyoomuunis isa dabra. Akkasuma inni Rabbiin Mu'uminoota irraa deebisus isa tara.

**Amantii kanaaf hojjachuu keessatti itti gaafatamummaan itti hin daga'amu.**

Isa babal'isuuf hin socho'u. Khidmaa isaatiifis hin hojjatu. Kun immoo faallaa sahaabota Ergamaa Rabbii ﷺ warra ogguma islaamayanu achumaan itti gaafatamummaan itti dhaga'ameeti. Xufeyl bin Amr kunoo islaamayuu isaatiifi gara Islaamaatti ummata isaa waamuu deemuu isaa yeroo hagamii ture? Achumaan ummata isaa gara Islaamaatti waamuu deeme. Amantuma keessa seenuu qofaan akka itti gaafatamummaan guddaan irra jiru itti dhaga'amee Ergamaa Rabbii ﷺ irraa gara ummata isaa deebi'uuf eeyyama gaafatee gara Rabbiitti isaan waamuuf deebi'e. Namoonni baay'een yeroo hammaa amantii qabachuu isaaniitiifi gara amantiitti nama waamuu eegaluu isaanii jidduu yeroo dheeraatu jiraata. Namoonni sahaabaa Muhammad ﷺ irraa ta'an waan Islaamatti seenuu irraa argamu hunda kan akka kaafira warra diinaatiin diina ta'uu, isaan irraa qulqullaa'uufi isaaniin cituu raawwatu turan.





Usaamaa bin Asaal ﷺ inni dura bu'aa Yamaamaa ture yeroma booji'amee fidamee masjida keessatti hidhamee Ergamaan Rabbii ﷺ Islaama isarra fidnaan sana booda Rabbiin ifaa iimaanaa qalbii isaa keessa buusee islaamaye. Umraadhaaf Makkaan deemee yeroma achi ga'u kaafiroota Qurayshiitiin "callaan qamadii tokko hanga Ergamaan Rabbii ﷺ eeyyamanutti Yamaamaa irraa gara keessan hin dhaqqabdu." jedhe.

Kaafiroota saniin adda cituun isaa, ikoonoomiidhaan isaan cufuufi waan isaaf mijaa'u hundaa khidmaa da'awaatiif gumaachuun achumaan isarraa argamte. Sababni isaas iimaana isaa murannoo qabu sanatu dalagaa kana isarratti dirqama godhe.

**Ammas mallattoo dadhabina iimaanaa irraa tokko yeroo musiibaan wahii uumame rifachuufi sodaachuu:**

Yookiin immoo yeroo rakkoon wahii uumame kan qomni isaa rommu, madaala gadi dhiisu, sammuu dhabuufi ija samiitti ol kaasuu ta'ee argita. Yeroo balaan wahii isa tuqe ni dhama'a; qaawwi hundinuu ija isaa duraa cufama. Gaddi hundinuu isa yaabbata. Waan isatti uumame kana sammuu ragga'aafi qalbii cimaa wahiitiin fuuldura hin dhaabatu. Kun hundinuu sababa dadhabina iimaana isaati. Odoo iimaanni

isaa cimaa ta'ee silaa ragga'aa ta'a. balaa guddaa kana caaluyyuu humnaafi ragga'iinsaan fuuldura dhaabata ture.

**Kan biraa immoo falmii qalbii gogsu baay'isuudha.**

Ergamaan Rabbii ﷺ hadiisa sahiiha keessatti ni jedhan: **"ummanni tokko booda qajeeluma irra turaniitii yoo falmii kennaman malee hin jallatanu."** Ahmadtu Musnada keessatti gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

Falmiin ragaadhaan maleefi niyyaa gaariidhaan malee geggeeffamu karaa sirrii irraa nama jallisuutti geessa.

Guyyaa har'aa falmii sobaa maaltu akkana baay'ise! Beekumsa, qajeelfamaafi kitaaba ifaa ta'een maleetti wal falmu. Gochatti arrabsamtuu kana dhiisuudhaaf jechi Ergamaa Rabbii ﷺ namaaf ga'a: **"ani nama odoma haqa qabaatuu falmii dhiiseef mana walakkaa jannataa keessaa isaaf of qaba."** Abuu Daawudtu gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

**Kan biraa immoo qalbiin duniyaatti rarra'uu, ishee jaalachuufi gara ishee qofatti haara galfachuudha.**

Qalbiin namichaa hanga yoo carraan duniyaa tokko kan akka qabeenyaa, kabajaa, sadarkaafi manneen wahii isa tare baay'ee laalatu tokko itti rarra'a. Kana booda waan namni biraa argate waan hin arganneef jecha lubbuu isaa gowwoomfamaa, carraa dhabaatti lakkaa'a.

Yeroo obboleessi isaa Muslimaa tokko waan isa jala tare argate immoo laalannaa baay'eefi walitti butamuu guddaatu isa mudata. Isa waanyuudhaan ni'imaan isaa irraa deemuu hawwuun isaas ni mala. Kun immoo isa Ergamaan Rabbii ﷺ "qalbii gabrichaa keessatti iimaanniifi hisdiin walitti hin qabamu" jechuun irraa nu sodaachisaniidha. Nasaa'iitu gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

**Sammuu isaa qofa irratti hundaa'uu:**

Mallattoon biraa immoo haasaa namaa fi adeemsa isaa kan sammuu qofa irratti hundaa'e fudhatee mallattoo iimaanaa tokkollee dhabuudha. Haasaa nama kanaa hanga dubbii isaa keessatti mallattoo ragaa Qur'aanaa, hadiisaa yookiin haasaa salafaa keessaa dhabdu tokko achi fagaata.

**Nafsii isaatti xiyyeeffachuu keessatti daangaa dabruu:**

Waan nyaatamu, waan dhugamu, uffatamu, mana jireenyaafi geejjibaatti akkaan xiyyeeffachuu. Warra kana guutuutti akkaan xiyyeeffata. Huccuu irraa isa lallaafaa bituufi mana bareechuu keessatti lubbuu isaa qabsoo cimaa qabseessa. Kana tottolchuu keessatti qabeenyaafi yeroo baay'ee wareega. Isheen immoo waan dirqamniifi dhimmi itti isaaf jiruu miti. Yeroo inni kana hojjatu immoo

obboleessa isaa Muslimaa irraa nama akkaan qabeenya kanatti haajomaarutu jira. Sababni kana hunda hojjatuuf qananiifi quufa dhorgamaa keessa daangaa dabruudhaafi. Hadiisa Mu'aaz bin Jabal keessatti Ergamaan Rabbii ﷺ yeroo gara Yamanitti isa ergan isaaf dhaamanii ni jedhan: **"qanani'uu irraa of fageessi! Gabroonni Rabbii warra of qanansiisanuu miti."** Abuu Na'iimtu Hilyaa keessatti gabaase.Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira.

MALLATTOO LAAFINA IIMAANAA


# SABABA DADHABINA IIMAANAA

Dadhabina iimaanaatiif sababoota heddutu jira. Isaan keessaa kan mallattoolee dubbatamee dabreen wal galutu jira. Fakkeenyaaf akka dilii keessa seenuu, duniyaa qofaan shaagalamuu fa'i. Kan armaan gadii sababoota garii isa tare daballe dubbanna.

Yeroo dheeraadhaaf naannoo qilleensa iimaanaa qabu irraa fagaachuu:
Inni kun utubaa iimaana qalbii keessatti dadhabsiisuuf sababa ta'uudha. Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿أَلَمْ يَأْنِ لِلَّذِينَ ءَامَنُوٓا۟ أَن تَخْشَعَ قُلُوبُهُمْ لِذِكْرِ ٱللَّهِ وَمَا نَزَلَ مِنَ ٱلْحَقِّ وَلَا يَكُونُوا۟ كَٱلَّذِينَ أُوتُوا۟ ٱلْكِتَٰبَ مِن قَبْلُ فَطَالَ عَلَيْهِمُ ٱلْأَمَدُ فَقَسَتْ قُلُوبُهُمْ ۖ وَكَثِيرٌ مِّنْهُمْ فَٰسِقُونَ﴾ [الحديد: ١٦]

***"Warra amananiif, yeroon qalbiin isaanii zikrii Rabbiitii fi dhugaa irraa waan bu'eef laaftu hin dhihaannee? Akka warra isaaniin dura kitaaba kennamanii, yeroon itti dheerattee, qalbiin isaanii goggogdee, baay'een isaanii shari'aa irraa bahanii tahuu dhabuutti (hin dhihaannee?)"*** (Alhadiid: 16).

Aayanni kabajamtuun kun yeroo dheeraadhaaf naannoo qilleensa iimaanaa irraa fagaachuun akka utubaa iimaanaa qalbii keessatti dadhabsiisu ta'e akeeka.

Fakkeenyaaf namni obboleeyyan isaa karaa Rabbii keessatti jaallatu irraa yeroo dheeraa imalaaf, hojiidhaaf yookiin kkf jecha irraa fagaate naannoo iimaanaa qabbana isaa keessa qanani'u, humna qalbii isaa irraa fudhatu san dhaba. Mu'uminni lubbuu isaatiin xiqqoodha; obboleeyyan isaatiin immoo baay'eedha.

Hasan Albasriin ni jedhe: "obboleeyyan keenya maatii keenya irra nu biratti qaaliidha. Maatiin keenya waa'ee duuniyaa nu yaadachiisu; obboleeyyan keenya immoo aakhiraa nu yaadachiisu." Fageenyi kun yeroo dheerate mukuu yeroo dheeraa booda naannoo iimaanaa kana irraa baqachuu fidutti jijjiirama. Booda sanaatii qalbiin gogee dukkanaa'a. Ifti iimaanaa ishee keessatti dhaama. Kun isa namoota garii kan yeroo boqonnaa biyya biraa imala deeman yookiin bakka biraa hojiidhaaf yookiin barumsaaf deeman qalbii isaanii gombisu (gadi garagalchuudha).

### Hidhannoo gaarii irraa fagaachuu:

Namni harka nama gaariitti waa baratu barumsa bu'a qabeessa, dalagaa gaariifi jabina iimaanaa walitti qabata. Isa to'ataa beekumsaafi haala gaarii isa jiruu qoodaaf. Odoo yeroo ta'e wahii irraa fagaatee baratichi gogina qalbii isaatu itti dhaga'ama. Kanaafuu yeroo Ergamaan Rabbii ﷺ du'anii awwaalaman sahaabonni 'qalbii keenya jibbine' jedhan. Mukuutu isaanitti dhaga'ame. Sababni isaas leenjisaan, barsiisaafi hidhannoon isaanii ﷺ ni du'e. waa'een isaanii ammas hadiisa biraa keessatti kan ibsame ni jedhe: "akka busaa'ee (hoolotaafi re'oota) halkan qorraa rooba qabu keessatti bakkeetti haftee ta'an." Garuu Ergamaan Rabbii ﷺ warra duuba isaatii dhiise kana keessatti warra akka gaaraa hundi isaaniituu khaliifaa (bulchaa addunyaa ta'uu) danda'u dhiisanii du'an. Gariin isaanii gariidhaaf hidhannoo ta'an. Guyyaa har'aa immoo Muslimni nama isattii siqee hidhannoo isaaf ta'u akkaan haajoma.



### Barumsa shari'aa barachuu, kitaabota salafaafi kitaabota iimaana fayyiftu irraa fagaachuu

Kitaabota baay'ee kan namni ishee dubbisu akka isheen iimaana isaaf kaafnaan hamileen iimaanaa sila keessa isaa jiru sosocho'uun itti dhaga'amu ni jiru. Matootiin kitaabota kanaa kitaaba Rabbiiti. Sanatti aansuudhaan kitaaba warra qalbii namaa laaffisuufi gorsaaf kaa'anii, warra aqiidaa bifa qalbii fayyisuun tolchee fide akka kitaaba Ibn Alqayyim, Ibn Rajabiifi kkfti. Kitaabota yaada qofaan guutaman, kitaaba ahkaamaa kan ragaa hin fidne yookiin kitaaba lughaa fi usuulaa dubbisaa kitaabota warreen dubbatamanii dabranii irraa fagaachuun waan yeroo tokko tokko qalbii gogsuu danda'u irraayi.

Kun immoo kitaaba lughaa yookiin kitaaba usuulaafi kkf arrabsuu miti. Kun warra kitaaba tafsiiraafi hadiisaa odoma isheen waan qalbii namaa Rabbiin walitti hidhu taatee jirtuu irraa gara galee kan isaa ishee dubbisuu

hin argamne yaadachiisuudhaafi. Fakkeenyaaf ati yeroo sahiihaynii qaraatu akka qilleensa bara durii kan sahaabaa san keessa Ergamaa Rabbii ﷺ wajjin jiraataartutu sitti dhaga'ama. Qilleensa iimaanaatu seenaa isaanii, jireenya isaaniifi jireenya isaan yeroo san jiraatan irraa sitti dhufa.

Warri hadiisaa maatii Rasuulaati; yoo qaama isaatiin waa'iloomuu baatanis dubbii isaatiin hiriyoomaniiru.

Sababni inni kitaaba iimaanaa irraa fagaachuu kun mallattoon isaa warra barnoota Islaamaan hariiroo hin qabne kan akka filoosoofii, saayikooloojii, saayinsii hawaasaafi kkf warra bakka Islaamaa irraa fagoo ta'e irraa fudhataman baratan irratti ifee mul'ata. Namni oduu ogbarruu, oduu jaalala dhiiraafi dubartii dubbisuu jaalatu, oduu bu'aa hin qabne kan akka gaazexaa, barruulee, yaadannoofi kkf hordofuu fedhii qabuufi isheerratti xiyyeeffatee hordofu akkasuma.

### Namni Muslimni bakka itti sagaleen badiidhaan itti ol fuudhamu walakkaa jiraachuu:

Kan namni gariin dilii hojjateen dhaaddatu, kaan immoo sagalee muuziiqaatiifi haasaa isheetiin kan urgufamu, kan sadaffaa immoo sigaaraa aarsu, inni afraffaa barruu warra dhimma hin qabnee, kan shanaffaa arrabni isaa abaarsa, arrabaafi hamiidhaan gadi dhiifamaafi kkfniidha. Dubbiin 'akkana jedhame hin jennee' jedhu, hamiin, walitti naqaaniifi oduun wal dorgommii adda addaa kan baay'inni isaa himamuu miti.





Bakka gariitti immoo waa'ee duniyaa malee hin dubbatamu. Kun immoo haala taa'ichaafi mana kitaaba namoota hedduuti. Oduun daldalaa, hojii, qabeenyaa, bu'aa argamsiisuu, rakkoo hojii, bu'aalee adda addaa, guddinaafi kkf xiyyeeffannoofi dubbii namoota hedduu keessatti dursa argatti.

Manneen immoo akka feete irraa dubbadhu homaa dhuma hin qabu; bakka balaa guddaafi wantoota munkara kan illeen Muslimaa isarraa dafquufi dhoohuutti dhihaatuudha. Muuziiqaan bu'aa hin qabne, fiilmiin badaan, wal makannaan dhiiraafi dubartii haraama ta'eefi kan biroollee wanti manneen Muslimaa ittiin guutamu naannoo akkanaa keessatti qalbiin dhukkubaan qabamee gogaa ta'a; kun immoo shakkii hin qabu.

### Hojii duuniyaa qofaan liqimfamanii qalbiin gabricha ishee ta'uu:

Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"gabrichi warqee halaakame; gabrichi meetii (silvariis) halaakame."** Bukhaariitu gabaase.

Ammas Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "duuniyaa irraa kan tokkoo keessaniif ga'u kan akka galaa nama geejjibaan deemuuti." Axxabraaniitu Kabiiriin keessatti gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira. Kan inni itti fedhe wanta xiqqoo kaayyoo isaatti isa dhaqqabsiisu jechuudha. Mallattoon isheen kun bara kana kan ishee keessa kajeellaan meeshaa, caccabaa duuniyaa dabalachuuf jooruun wal ga'ee namoonni

daldalaafi faabrikaalee duukaa gulufanitti bareechee ifa gale. Kun waanuma Ergamaan Rabbii ﷺ jedhan mirkaneessa: **"Rabbiin ol ta'e ni jedhe: nuti qabeenya salaanni sirnaan haa salaatamuufi zakaan haa kennamuudhaaf buufne. Odoo ilma Aadamiif qabeenyi sulula tokkoo jiraatee lammaffaan isaaf dabalamuu hawwa. Odoo sululli lama isaaf jiraateehis sadaffaan isaaf dabalamuu hawwa. Garaa ilmaan Aadam biyyee malee homaa hin guutu. Ergasii Rabbiin nama toobate irraa tawbaa qeebala."** Ahmadtu gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

**Qabeenya, haadha manaatiifi ilmaan qofatti shaaghalamuu:**

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿وَٱعۡلَمُوٓاْ أَنَّمَآ أَمۡوَٰلُكُمۡ وَأَوۡلَٰدُكُمۡ فِتۡنَةٞ وَأَنَّ ٱللَّهَ عِندَهُۥٓ أَجۡرٌ عَظِيمٞ﴾
[الأنفال: ٢٨]

***"dhugumatti qabeenyi keessaniifi ilmaan keessan fitnaa ta'uu beekaa."*** (Al-anfaal: 28).

Ammas Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿زُيِّنَ لِلنَّاسِ حُبُّ ٱلشَّهَوَٰتِ مِنَ ٱلنِّسَآءِ وَٱلۡبَنِينَ وَٱلۡقَنَٰطِيرِ ٱلۡمُقَنطَرَةِ مِنَ ٱلذَّهَبِ وَٱلۡفِضَّةِ وَٱلۡخَيۡلِ ٱلۡمُسَوَّمَةِ وَٱلۡأَنۡعَٰمِ وَٱلۡحَرۡثِۗ ذَٰلِكَ مَتَٰعُ ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَاۖ وَٱللَّهُ عِندَهُۥ حُسۡنُ ٱلۡمَـَٔابِ﴾ [آل عمران: ١٤]

***"namootaaf jaalalli wantoota lubbuun isaanii feetuu kan dubartootaa fi ilmaan irraa, warqee fi meeta kuufamaa irraa, faradoo miidhagfamte, horii fi dachii qonnaaf mijooftu irraa ta'e miidhagfamee jira. Kun meeshaa jireenya duniyaati. Rabbiin immoo Isa bira deebii bareedaatu jira."*** (Aali Imraan: 14).





Hiikti aayata kanaa wantoota kana jaalachuun akka mataatti immoo dubartootaafi ilmaan jaalachuun yeroo kan ajaja Rabbii fi ergamaa isaa dursu ta'e gochichi akkaan jibbamaadha; namichis arrabfamaadha. Jaalalichi yoo karaa sharii'aa kan ajaja Rabbiitiin buluuf gargaaru ta'e inni faarfamaadha; namichis faarfamaadha. Dhugumatti Ergamaan Rabbii ﷺ jedhanii jiru: **"addunyaa irraa dubartootaafi shittoo (urgooftuutu) natti jaalachiifame. Tasgabbiin ija kootii immoo salaata keessa naaf godhame."** Ahmadtu gabaase.Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

Namoonni baay'een immoo duuba dubartootaa haraama keessa harkifama. Duuba ilmaaniis ajaja Rabbii irraa dagatee harkifama.

Ergamaan Rabbii ﷺ jedhaniiru: "ilmoon gaddisiiftuudha; luqnoomsituudha; wallaalchiftuudha; doqnoomsiftuudha." Axxabraaniitu Kabiiriin keessatti gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira. Jechi inni doqnoomsituudha jedhu yeroo inni karaa Rabbii keessatti kennachuu jedhe shayxaanni ilmaan isaa isa yaadachiisee 'ilmaan kootu qabeenya kana irra haqa godhatu; kanaafuu booda kiyyattin

isaaniif hambisa' jedhee karaa Rabbii keessatti arjoomuu irraa doqnooma. Jechi inni loqnoomsituudha jedhu immoo yeroo namichi karaa Rabbii keessatti qabsaa'uu fedhe shayxaanni isatti dhufee 'ajjeefamtee duuta; ilmaan dhiphatanii yatiima ta'u' jennaaniin jihaada deemuu irraa taa'a. Jechi inni wallaalchiftuudha jedhu immoo barumsa barachuu, isa barbaachaaf deemuu, majlisa ilmii dhaquufi kitaabota isaa qara'uu irraa abbaa dhorgiti jechuudha. Gaddisiiftuudha kan jedhe immoo yeroo inni dhukkubsate irratti gadda; yeroo ilmi waan abbaan kennuufii hin dandeenye gaafates ni gadda. Yeroo guddatee abbaan buluu dide immoo inni gadda isa yeroo hundaati.

Kaayyoon keenya haadha manaa fuuchuufi ilmaan argachuu dhiisuu miti; akkasumas guddisa ilmaanii dhiisuu miti. Kaayyoon keenya isaanii wajjin waan haraama ta'e keessatti yeroo dabarsuu irraa dhorguudha.

Waa'ee fitnaa qabeenyaa ilaalchisee Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"ummanni hundinuu waan ittiin mokkoramte ni qabdi; mokkoroon ummata kootii immoo qabeenya."** Tirmiziitu gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

Qabeenya irratti bololuun (futunuun) hanga yeeyyiin inni busaa'ee lafa qonnaa irra jirtutti gadi dhiifame ishee balleessu irra diinii Islaamaa balleessa. Kun immoo hiika jecha Ergamaa Rabbiiti ﷺ : **"hanga namni qabeenyaafi kabajaa irratti bololu amantii isaa balleessu tokko yeeyyiin bebbeela'oon lama kan busaa'ee irratti gadi dhiifaman ishee hin balleessanu."** Tirmiziitu gabaase.





Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira. Kanaafuu Nabiyyiin ﷺ xiinxallaa qabaachuutti nu kaasan.

Rabbiin ol ta'es ni jedhe: "sana keessa ummata xiinxalanuuf mallattooleetu jira." Kanaafuu Ergamaan Rabbii ﷺ qabeenya walitti funaannachuu keessatti bal'ifannaa zikrii Rabbii irraa nama shaagalu bal'ifachuu dhorganii jiru.

Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"qabeenya walitti qabuu irraa kan siif ga'u khaadimaafi geejjiba karaa Rabbii keessatti yaabbattu qofa."** Ahmadtu gabaase.

Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

Warra qabeenya walitti guuruu baay'isan Nabiyyiin ﷺ dinniinanii jiru; warra akkasuma sadaqaas baay'isu malee.

Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"nama kallatti afraniin mirga isaatiin, bitaa isaatiin, fuuldura isaatiifi duuba isaatiin akkana akkana akkana akkana akkana jedhe malee warri qabeenya baay'isan salphataniiru."** Ibn Maajaahtu gabaase.

Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira. Kan inni itti fedhe hulaalee sadaqaafi kallattii khayrii keessatti jechuudha.

Hawwii dheerachuu:

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:"Haa nyaatanii; Haa qanani'anii;

hawwiin (sobaa) isaan haa daguu isaan dhiisi. (Itti gala isaaniis) fuula duratti ni beeku." (Alhijri: 3).

Aliyyiin ﷺ ni jedhe: 'irra guddaan waan an isiniif sodaadhuu fedhii horofuufi hawwii dheerachuudha. Fedhii hordofuub haqa irraa nama deebisa. Hawwii dheerachuun immoo aakhiraa nama dagachiisa.' Fat-hul Baarii keessa jira. Hadiisa keessatti immoo "waa afur goggogina irraayi: ijji imimmaan irraa goguu, qalbiin goguun, hawwiin dheerachuufi duuniyaa irratti bololuudha." Hawwii dheerachuu irraa kan argamu khayrii hojjachuu irraa nama taatiyeessa; tawbaa duubatti harkisiisa; kajeellaa duuniyaa baay'isa; aakhiraa dagachiisa; qalbii gogsa. Sababni isaas laafuufi qulqullaa'uun qalbii kan argamu du'a, qabrii, mindaa, adabbiifi jabina aakhiraa yaadachuudhaan argama. Rabbiin ol ta'e ni jedhe: "barri isaan irratti dheeratee qalbiin isaanii gogde." Jedhamee jira: 'namni hawwiin isaa gabaabbate gaddi isaa xiqqaatee qalbiin isaa ife. Kunis waan du'a fuuldura isaatti dhiheessee ajaja Rabbii keessatti qabsaa'uuf.' Fat-hul Baarii.

Nyaata, dhugaatii, hirriba, gurjaa, dubbiifi wal makannaanis sababa iimaanni dadhabuufi qalbiin goguuti:

Nyaata baay'isuun sammuu laaffisee qaama ajaja Rabbii irraa laaffisa; kallattii shayxaanni keessa yaa'us qaama keessatti qallaba. Jedhamee jira: 'namni baay'ee nyaate, baay'ee dhuge, baay'ee rafee mindaa baay'ee hongaa'a.'





Dubbii keessatti daangaa dabruun qalbii gogsa. Namootaan walitti makachuu baay'isuun immoo jidduu namichaafi lubbuu isaa qormaatuu, ishee qofaan kophaa bahee waa'ee ishee to'achuu xiinxaluu irraa dhorga. Kofla baay'isuun immoo jiruu qalbii keessa jiru fixnaan du'a. Ergamaan Rabbii ﷺ hadiisa sahiiha keessatti ni jedhan: **"kofla hin baay'isinaa; kofla baay'isuun qalbii ajjeesa."** Ibn Maajaahtu gabaase.

Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

Akkasumas yeroon inni ajaja Rabbii keessatti hin dabarfamne qalbii gogaa dhorgaan Qur'aanaafi gorsi iimaanaa homaa isa hin fayyadne uuma.

Sababni dadhabina iimaanaa baay'eedha; ishee lakkaa'anii fixuun hin danda'amu. Garuu waanuma dubbatame qofaan waan hin dubbatminitti dhaqqabuun ni danda'ama. Namni sammuu qabu kana mata isaatiin itti dhaqqaba. Akka Rabbiin qalbii keenya qulqulleessuufi badii nafsii keenyaa irraa nu tiksu kadhanna.

# WALLAANSA DADHABINA IIMAANAA

Haakim Mustadrak isaa keessattiifi Xabraaniin Mu'ujam isaa keessatti gabaasanii Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: "iimaanni akkuma huccuun moofa'ee ciccitutti garaa keessan keessatti moofa'ee ciccita. Rabbiin iimaana qalbii keessan keessatti siniif haaromsuu kadhaa." Haakimtu gabaase. Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira. Haysamiin Majma'i Azzawaa'id keessatti "Xabraaniitu sanada hasaniin gabaase" jedhe. Wanti hadiisichi itti fedhe iimaanni qalbii namaa keessatti akkuma uffanni yeroo turee moofa'uun ciccitutti ciccitee bada jechuudha. Yeroo tokko tokko qalbii Mu'uminaatti duumessi dukkanni dilii irraa ta'e itti dhuftee ifaa isaa haguugdi. Achumaan namichi dukkanaafi mukuu keessatti hafa. Yeroo inni iimaana isaa dabaluuf socho'ee Rabbiinis gargaarsifate duumessi kun irraa saaqamti; ifaan qalbii isaa itti deebi'ee akkuma duraan ifaa turetti ifa.

Waa'ee dadhabina iimaanaa hubachuufi wallaansa ishee beekuuf wanti hundeen xiyyeeffannoo guddaa barbaadu iimaanni ni dabalaafi ni hir'ataa beekuudha. Kun immoo dhuka amantii 'Ahlassunnaa wal jamaa'aati.' Isaan 'iimaana jechuun arrabaan dubbachuu, qalbiin amanuufi

qaamaan hojjachuudha; khayrii hojjachuudhaan dabalatee diliidhaan hir'ata' jedhu. Kana irratti immoo ragaa baay'ee Qur'aanaafi hadiisa irraa ta'etu akeeka. San irraa gariin jecha Rabbii ol ta'eeti: "akka iimaana isaanii wajjin iimaana dabalatanuuf", Rabbiin ol ta'e ni jedhe: "eenyuu keessaniif isheen kun iimaana dabalte?." Ergamaan Rabbiis ﷺ ni jedhan: **"namni isin irraa waan dhorgamaa hojjatamaaru arge harka isaatiin haa jijjiiru; yoo hin danda'in arraba isaatiin yoo hin danda'in immoo qalbii isaatiin (haa jibbu). Inni kun immoo iimaana isa hundarra dadhabaadha."** Bukhaariitu gabaase.

Jijjiiramni hojiin khayriitiifi diliin iimaana keessatti fidu dabaluufi hir'isuun waanuma beekamaa, hubatamaafi ragaa bahamaadha. Namni tokko odoo gara gabaa deemee dubartii qaama qullaa godhanii deeman ilaalaa waca warra gabaafi kan biraallee dhaggeeffatee sana booda gara qabrii adeemee ishee keessa seenee xiinxalee qalbiin isaa laafe, inni haala kana lamaan jidduutti garaa garummaa ifaa arga. Qalbiin ariitdhaan jijijjiirama.

Waan hubannoo mata duree keenya kanaatiin wal ilaallatu keessatti gariin salafaa ni jedhe: 'gabrichi tokko fiqhii qaba (amantii hubateera) jechuu irraa tokko iimaana isaatiifi waan isarraa hir'atu to'achuudha. Gabrichi tokko fiqhii qaba (amantii hubateera) jechuu irraa tokko iimaanni isaa ni dabalaaramoo? Ni hir'ataaraa? Beekuudha. Ammas





jallinni shayxaanaa kallattii kamiin akka itti dhufu beekuun hubannoo namichaa irraayi lakkaa'ama.' Sharhii Nuuniyyaa ibn Alqayyim kan Ibn Iisaa keessa jira.

Ammas qabxiin beekuu barbaadu kan biraa tokko hir'inni iimaanaa yeroo waajiba dhiisuu yookiin haraama hojjachuu biraan nama ga'e kun yeroo halaakaati. Abbaan isaas Rabbiin biratti akkaan jibbamaadha. Gara Rabbii dafee tawbachuufi wallaansa isaatti seenuun dirqama isatti ta'a. dadhabinni kun yeroo gara waajiba dhiisuufi haraama hojjachuutti hin dhaqqabsiisin, hojii sunnaa ta'e qofa irraa kan duuba isa deebisu ta'e akka hamilee fi humna isaa kan ibaadaaf qabutti deebi'uuf jecha namicha irra of to'achuufi haqa qunnamuu barbaaduutu jira. Kun immoo jecha Ergamaa Rabbii ﷺ irraa hubatama: **"dalagaa hundaafuu hamileetu jira; ammas hamilee hundaafuu dadhabina (taatiyootu) jira. Namni dadhabinni isaa gara sunnaa kootii ta'e dhugumatti milkaa'eera. Namni gara waan biraatti ta'e immoo halaakameera."** Ahmadtu gabaase.

Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

Odoo waa'ee wallaansaa haasa'uutti hin seenin dura qabxiilee tokko tokko dubbachuun gaariidha. Isaanis: namoonni warri qalbiin isaanii goguun itti dhaga'amu hedduun isaanii wallaansa alarraa barbaadu; furmaata ishee keessatti kan biraa irratti hirkachuu barbaadu. Garuu odoo matuma isaaniitiif of wallaanuu yaadanii ni danda'u turan.

Inni bu'uurri isa kana. Sababni isaas iimaanni hariiroo gidduu Rabbiitiifi gabrichaati. Kan armaan gadii keessatti ergaalee sharii'aa tokko tokko kan namni Muslimaa erga Rabbirratti hirkateefi lubbuu isaa qabsoodhaaf qopheessee booda ittiin dadhabina iimaana isaa waldhaanuufi goggina qalbii isaa dhabamsiisuu danda'utu jira.

**01 Qur'aana Rabbii kana xiinxaluu:**

Qur'aana guddaa isa Rabbiin ibsaa waan hundaafi nuura Rabbiin ittiin gabroota isaa abbaa fedhe qajeelchu godhee buuse kana xiinxaluu:

Isa keessa wallaansi guddaafi dawaan waa hojjatu jiraachuun shakkii homaa hin qabu. Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿وَنُنَزِّلُ مِنَ ٱلْقُرْءَانِ مَا هُوَ شِفَآءٌ وَرَحْمَةٌ لِّلْمُؤْمِنِينَ﴾ [الإسراء: ٨٢]

***"Qur'aana irraa waan Mu'uminaaf wallaansaafi rahmata ta'e buufna."***

Kallattiin ittiin of wallaanan immoo xiinxaluufi gadi ilaaluudha. Ergamaan Rabbii ﷺ kitaaba Rabbii ni xiinxala ture. Halkanis laylii salaataa isa deddeebisanii qara'u. Inumaayyuu halkan tokko keessa odoo salaatanuu aayata tokkicha kitaaba Rabbii irraa ta'e odoo deddeebisanuu utuu ishee hin dabrin bulan. Isheeni jecha Rabbii ol ta'ee kana:

﴿إِن تُعَذِّبْهُمْ فَإِنَّهُمْ عِبَادُكَ وَإِن تَغْفِرْ لَهُمْ فَإِنَّكَ أَنتَ ٱلْعَزِيزُ ٱلْحَكِيمُ﴾ [المائدة: ١١٨]

***"yoo isaan azzabdes (adabdes) isaan gabroota keeti; yoo isaaniif araaramtes dhugumatti ati injifataa ogeessa."***
(Almaa'idaa: 118).





Ergamaan Rabbii ﷺ Qur'aana ni xiinxalu turan; sana keessatti sadarkaa guddaa irra ga'anii turan. Ibn Hibbaan sahiiha isaa keessatti sanada gaariidhaan Axaa'i irraa gabaasee ni jedhe: aniifi Ubedullaa bin Umeer Aa'ishaa irra seennaan Ubeydullaah bin Umeer ni jedhe: 'Ergamaa Rabbii ﷺ irraa waan baay'ee nama ajaa'ibsiisu kan argite nuuf himi.' Ni boosse; sana booda ni jette: 'halkan tokko salaataaf dhaabbatanii "yaa Aa'ishaa na dhiisi Rabbii koon gabbaraa" jedhan.' Nan jedhe: 'wallaahii ani dhiheenya keetiifi waan si gammachiisun jaaladha. Ol ka'anii wuduu godhatan. Ergasii salaata sirnaan salaatan. Hanga inni sarbaa isaanii jiisu boo'an. Ammas hanga inni dachii jiisu tokko boo'uu hin dhiifne. Bilaal salaata Subhii isaanitti himuu dhufe. Aluma isaanii boo'uu argu 'yaa Ergamaa Rabbii odoo Rabbiin dilii kee irraa waan duraan dabreefi boodaas siif dhiisee jiruu boossaa?' jedhe.' Ni jedhaniin: "ani sila gabricha galateeffataa ta'uu hin fedhuu? Halkan edaa aayatoonni wahii narratti buuteetti; yaa badii nama isaan qara'ee hin xiinxalinii:

﴿إِنَّ فِي خَلْقِ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ وَٱخْتِلَٰفِ ٱلَّيْلِ وَٱلنَّهَارِ لَأٓيَٰتٍ لِّأُوْلِي ٱلْأَلْبَٰبِ ١٩٠ ٱلَّذِينَ يَذْكُرُونَ ٱللَّهَ قِيَٰمًا وَقُعُودًا وَعَلَىٰ جُنُوبِهِمْ وَيَتَفَكَّرُونَ فِي خَلْقِ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ رَبَّنَا مَا خَلَقْتَ هَٰذَا بَٰطِلًا سُبْحَٰنَكَ فَقِنَا عَذَابَ ٱلنَّارِ﴾ [آل عمران: ١٩٠-١٩١]

***"Uumuu samii fi dachii; wal bakka bu'uu halkanii fi guyyaa keessa warra qalbii qabaniif mallattooleetu jira. (Isaan) warra dhaabatanii, taa'anii, cinaacha isaanii irrattis Rabbiin faarsanii, "yaa Gooftaa keenya! Ati kana taphaaf hin uumne, qulqulloofte, adaba ibiddaa irraas nu baraari" jedhaa uumama samii fi dachii keessattis xiinxalanii dha."*** (Aali Imraan: 190).

Silsilaa Sahiihaa keessa jira. Hadiisni kun aayatoota kana xiinxaluun dirqama akka ta'e akeeka.

Qur'aana keessa tawhiida, wareega, dinniina, ahkaama, oduu, seenaa, naamuusa, haala gaariifi jijjiirama isheen lubbuu adda addaa irratti fiduu dandeessutu jira. Akkasumas suuraan gariin kan suuraa biraa irra lubbuu dinniinutu jira. Kana immoo jecha Ergamaa Rabbiitu ﷺ nu akeeka: **"Suuraa Huudiifi warra ishee fafakkaatantu harrii natti baase." Inni kunis Silsilaa Sahiihaa keessa jira. Gabaasa biraatiin immoo "Huud, Alwaaqi'aa, Walmursalaatii, Amma yatasaa'aluunaafi Izashamsu kuwwiratiitu harrii natti baafte."** Tirmiziitu gabaase.

Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira. Sababa dhugaa iimaanaafi dirqamoolee gurguddaakan ulfina isheetiin qalbii Ergamaa Rabbii ﷺ guuttee rifeensa isaaniitiifi gogaa isaanii irratti mul'ate waan of keessaa qabduuf Ergamaa Rabbii ﷺ arreessite. Innis "Akkuma ajajamtetti gadi dhaabbadhu; warri si wajjin toobatanillee (gadi haa dhaabatanu)" ken jedhuudha.



Sahaabonni Ergamaa Rabbiis ﷺ Qur'aana ni qara'u, ni xiinxalu, ittiin jijjiiramu turan. Abuu Bakriin ؓ nama gaddu qalbii laafaa ture; yeroo namoota salaachise haasaa Rabbii qara'e lubbuu isaa boo'icha irraa to'achuu hin danda'u. Umar jecha Rabbii ol ta'ee kan "adabbiin Rabbii keetii ni argama (ni dhufa); wanti isa deebisu tokkollee hin jiru" jedhu qara'uudhaan dhukkubsate. Yeroo jecha Rabbiin waa'ee Ya'aquub irraa dubbate qara'u leekkisuun (akkaan boo'uun) isaa duuba saffii hedduutiin dhaga'ame: "ani yaaddoofi gadda kiyyas Rabbuma qofattin himadha." Usmaan immoo ni jedhe: 'odoo qalbiin keenya qulqullooftee silaa Qur'aana Rabbii irraa hin quuftu ture.' Inni miidhamaa shahiida ta'e dhiigni isaa mus-hafa isaa irratti dhangalaafamee ajjeefame. Ayyuub irraa odeeffamee ni jedhe: Sa'iid bin Jubeeriin aayatattii kana yeroo digdamii wahi deddeebisuun dhaga'e: "guyyaa isa keessa gama Rabbii deebifamtanu sodaadhaa." Isheen dhuma aayata Qur'aana irraa buuteeti. Inni aayatattii guutus "sana booda lubbuun hunduu odoo hin miidhamin mindaa guutamtee kennamti" jedha. Ibraahiim bin Bashaar ni jedhe: aayatattiin isheen Aliyyi bin Al-Fudeel ishee qara'aa du'e "odoo yeroo ibidda irra dhaabamanii 'yaa badii keenya odoo deebifamnee aayata Rabbii keenyaa kijibsiisuu dhiifnee' hawwina jedhan sana argitee (waan nama naasisu argita)" kan jedhu keessatti du'e. Ani namoota isarratti salaatan keessaa tokkon ture.

Inumaayyuu sujuuda tilaawaa birattis ijjannoo addaa qabu turan. Isaan keessaa tokko seenaa namicha jecha Rabbii “haala boo’aniin lafee areeda isaanii irratti sujuuda bu’u; sodaa beekumsa qabdus isaaniif dabala” qara’ee sujuuda tilaawaa bu’ee ergasii lubbuu isaa komatee ‘kunillee sujuudaa! Eessa jiraree boo’ichi?’ jedhe.

Wanti guddaan xiinxalamu fakkeenyowwan Qur’aanni kaa’e xiinxaluudha. Sababni isaas Rabbiin yeroo fakkeenya Qur’aana keessatti nuuf godhu isa xiinxaluufi yaadachuutti nu waame. Ni jedhe: “Rabbiin namootaaf akka isaan gorfamaniif jecha fakkeenyowwan ibsa.”

Salafa irraa namni tokko fakkeenya Qur’aanaa wahii xiinxalee hiikti isaa isaaf galuu dide. Ni boo’e. Maaltu si boossisa jechuu gaafatame. Innis Rabbiin ol ta’e ni jedhe:

﴿ وَتِلْكَ ٱلْأَمْثَٰلُ نَضْرِبُهَا لِلنَّاسِ ۖ وَمَا يَعْقِلُهَآ إِلَّا ٱلْعَٰلِمُونَ ﴾ [العنكبوت: ٤٣]

***“fakkeenyota kana namootaaf ibsina; kan ishee hubate beektota malee hin jiru.”*** (Al-Ankabuut :43).

Ani immoo fakkeenyicha hin hubanne; beekaa miti jechuudha. Beekumsi kiyya na jalaa baduudhaanin boo’e.

Rabbiin Qur’aana keessatti fakkeenyota baay’ee nuuf ibseera. Isaanis: Rabbiin fakkii nama ibidda qabsiisee, fakkii nama waan hin dhageenyetti lallabuu, fakkii firii ishee sootalloo (qalqalloo firii baatu) torba biqilchitee, fakkeenya saree arraba isaa gadi baasuu, harree kitaabota




gurguddaa baatuu, titiisa, birbirooftee, fakkeenya jaamaatiifi duudaa, argaafi dhaga’aa, fakkeenya daaraa isa qilleensi itti baay’atee, muka gaarii, muka badduu, bishaan samii irraa bu’uu, fakkii foddaa ishee ifti keessa jiruu, qabrichi to’atamaa isa waan tokko irrattuu dandeettii hin qabne, namicha gabricha isa keessatti warri horate waliif hin galleefi kan biroollee Rabbiin fakkeenya godhe. Walumaa galatti kaayyoon jiru gara aayatoota fakkeenya godhanii deebi’anii ilaaluufi itti xiyyeeffachuudha.

Ibn Alqayyim waan Muslimni gogina qalbii isaa Qur’aanaan wallaanuuf godhuun irra jiru cuunfee ni jedhe: “kan kana lamaan to’atu waa lama: tokkoffaan qalbii kee biyya addunyaa kana irraa buqqiftee biyya aakhiraa keessa qubsiifta; sana booda hunda isaatiinuu gara hiika Qur’aanaa, waan isa irraa baafatamu, isa xiinxaluu, waan isarraa fedhamu hubachuu, maaliif akka bu’e, aayata hunda irraayyuu gahee kee fudhachuufi ishee geessitee dhukkuba qalbii keetii irra kaa’uutti gara galta. Aayanni kun yeroo dhaqxee dhukkuba qalbii irra buute qalbichi eeyyama Rabbiitiin ni fayya.”

### 02 Guddina Rabbii beekuu, maqooleefi sifaata Isaa beekuu:

Isa xiinxaluu, hiika ishee hubachuu, guddina Rabbii namatti beekamu kana qalbii irra tursiisuufi akka qaamni waan qalbiin hubate kana hojiitti jijjiiruuf jecha qaama

hunda keessa yaasuudha. Qalbiin mootii fi dura bu'aa isheeti. Qaamni immoo loltuufi hordoftoota isaati. Yeroo inni tole qaamnis ni tolti; yeroo inni bade isheenis ni baddi.

Ragaan guddina Rabbii Qur'aanaafi hadiisa keessa baay'eedha. Muslimni yeroo kana xiinxale qalbiin isaa ni romma; lubbuun isaa Rabbii guddaadhaaf of gadi dhaba; qaamni isaas argaa dhaga'aadhaaf gadi jedha; kushuu'ii Rabbii jalqabaatiifi dhumaatiif dabalata. Kana keessaa tokko maqooleefi sifaata isaa baay'ee dhufeedha; Inni guddaa, to'ataa, boonaa, jabaa, mo'ataa, olta'aadha. Inni jiraataa hin duuneedha; namoonniifi jinniin ni du'u. Inni uumama isaa cufa mo'ataadha. Kakawweenis faaruu isaatii waliin isa qulqulleesa. Maleykonnis sodaa isaa irraa isa qulqulleessu. Injifataa abbaa haaloo ba'annaati. Ofiin dhaabataa hin rafneedha. Beekumsaan waan hunda marsaadha. Gantuu ijaa waan qomti dhoksu ni beeka.

Bal'ina beekumsa isaa ibsee ni jedhe:

﴿وَعِندَهُۥ مَفَاتِحُ ٱلْغَيْبِ لَا يَعْلَمُهَآ إِلَّا هُوَ ۚ وَيَعْلَمُ مَا فِى ٱلْبَرِّ وَٱلْبَحْرِ ۚ وَمَا تَسْقُطُ مِن وَرَقَةٍ إِلَّا يَعْلَمُهَا وَلَا حَبَّةٍ فِى ظُلُمَٰتِ ٱلْأَرْضِ وَلَا رَطْبٍ وَلَا يَابِسٍ إِلَّا فِى كِتَٰبٍ مُّبِينٍ﴾

[الأنعام: ٥٩]

***"Furtuuwwan fagoo (ghaybii) Isa bira jira. Isa malee homtuu ishee hin beeku. Inni waan dachii keessa jiruu fi waan bahra keessa jirus ni beeka. Baala irraas tokkollee inni beeku malee hin kufu. Firiin dukkana dachii keessaa, jiidhaa fi gogaanis kitaaba ifa ta'e keessa jiraatu malee hin hafu."*** (Al-an'aam: 59).



Guddina isaa irraa tokko waan inni ofirraa hime:

﴿وَمَا قَدَرُوا۟ ٱللَّهَ حَقَّ قَدْرِهِۦ وَٱلْأَرْضُ جَمِيعًا قَبْضَتُهُۥ يَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِ وَٱلسَّمَٰوَٰتُ مَطْوِيَّٰتٌۢ بِيَمِينِهِۦ ۚ سُبْحَٰنَهُۥ وَتَعَٰلَىٰ عَمَّا يُشْرِكُونَ﴾ [زمر: ٦٧]

***"Isaan Rabbiin guddina isaaf malu hin guddifne. Guyyaa Qiyaamaa dachiin guutuun qabaa Isaa keessa taati; samiinis mirga Isaatiin maramtuu dha."*** (Azzumar: 67).

Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "Rabbiin Guyyaa Qiyaamaa dachii ni qaba; samii immoo mirga isaatiin ni mara. Sana boda 'mootiin ana; eessa jiru mootoliin addunyaa?' jedha." Bukhaariitu gabaase.

Yeroo seenaa Muusaa kan innii

﴿وَلَمَّا جَآءَ مُوسَىٰ لِمِيقَٰتِنَا وَكَلَّمَهُۥ رَبُّهُۥ قَالَ رَبِّ أَرِنِىٓ أَنظُرْ إِلَيْكَ ۚ قَالَ لَن تَرَىٰنِى وَلَٰكِنِ ٱنظُرْ إِلَى ٱلْجَبَلِ فَإِنِ ٱسْتَقَرَّ مَكَانَهُۥ فَسَوْفَ تَرَىٰنِى ۚ فَلَمَّا تَجَلَّىٰ رَبُّهُۥ لِلْجَبَلِ جَعَلَهُۥ دَكًّا وَخَرَّ مُوسَىٰ صَعِقًا ۚ فَلَمَّآ أَفَاقَ قَالَ سُبْحَٰنَكَ تُبْتُ إِلَيْكَ وَأَنَا۠ أَوَّلُ ٱلْمُؤْمِنِينَ﴾

[الأعراف: ١٤٣]

***"yaa Rabbi of na agarsiisi sin ilaalaa" jennaan Rabbii immoo "Na hin argitu; garuu gara gaaraa ilaali; yoo bakka isaatti ragga'eef Na argitaa» jedhe. Yeroo Rabbiin isaa gaaraaf mul'atu daakamaa lafaan qixxaa'aa isa godhe. Muusaanis of wallaalee kufe."*** (Al-a'araaf: 143)

onneen of gadi qabee qalbiinis ni romma. Ergamaan Rabbii ﷺ yeroo aayata kana qara'anii fassaran quba isaanii abbudduu birkii quba xiqqoo isa olii irra kaa'anii sana booda jedhan **"gaarri dachii keessa gadi dhidhime."** Tirmiziitu gabaase.

Hadiisichi sahiiha. Hiikti isaa immoo hangumti birkii quba xiqqoo ishee olii gubbaa jiru qofti gaaratti mul'annaan lafa keessa gadi lixee dhabame jechuudha. Rabbii ol ta'etu beeka. **"Hijaabni isaa ifaadha;odoo inni ishee saaqee silaa ifti fuula isaa uumama irraa waan ijji isaa itti dhaqqabe hundaa ni gubdi ture."** Muslimtu gabaase.

Guddina Rabbii irraa kan biraa immoo waan Ergamaan Rabbii ﷺ nuuf himaniidha: **"yeroo Rabbiin murtii wahii samii keessatti murteesse maleykonni kooluu (qoochoo) isaanii jecha Isaatiif of gadi qabuuf jecha lafa keessi. Inni waan dirii dhagaa irra bu'eeti. Yeroo qalbii isaanii irraa saaqame 'Rabbiin keessan maal jedhe?' jedhu. 'Dhugaa dubbate; inni ol ta'aa guddaadha' jedhu."** Bukhaariitu gabaase.

Ragooleen kanaa baay'eedha. Kan fedhame ragoolee kanaafi kan biroollee xiinxaluudhaan guddina Rabbii beekuun wantoota dadhabina iimaanaa wallaanaa keessatti hundarra bu'aa qabaniidha. Ibn Alqayyim, Rabbiin isa haa mararfatuu, guddina Rabbii haasaa mi'aahaa gaarii ta'een ibse: "wantoota biyya kamiituu Isatu to'ata, ni ajaja, ni dhorga, ni uuma; ni soora, ni ajjeesa, ni jiraachisa, ni guddisa, ni xiqqeessa,halkaniif guyyaa gara gaggalcha, guyyoota kana jidduu namaatti taraa godha; biyyootiis ni jijjiira; biyya tokko dhabamsiisee kan biraa fida. Ajajni isaatiifi taayitaan Isaa samii keessatti, moggaa ishee hundarrattis, dachii keessattiifi waan ishee irra jiru, jala ishees jiru, galaanotaafi qillensa keessattis ni raawwatama. Waan hundaa beekumsaan marseera. Waan hundaa lakkoofsa isaanii hubateera. Dhageettuun isaa sagaleewwaan hundaa wal ga'eera; isarratti wal rukuttu. Wal Isarratti hin fakkaatu. Inumaayyuu wal dhabbii lughaa isheetiifi dhimmi ishee adda adda ta'uu waliin waca ishee hunda dhaga'a. Tokko dhaga'uun tokkorraa isa hin shaagaltu. Kadhaan baay'achuun isa hin dogongorsiisu; haasaan warra himataa arraba jallaa harka jallachuun dubbii isarratti waliin hin maku. Agartuun isaa waan argamu hunda waliin ga'e. Deemsa mixii gurraattii halkan dukkana keessa dhagaa duudaa irra deemtus ni arga. Ghaybiin (fagoon) isa biratti dhihoodha; iccitiin isa biratti ifaadha. 'wantoonni samiifi dachii keessa jiran hunduu isa kadhatuu inni yoomuu dhimma keessa jira.' Dilii araarama. Gadda wahii fura; rakkoo wahii saaqa. Cabaa supha; hiyyeessa duroomsa. Jallataa qajeelcha. Dhama'aa karaa akeeka. Muddamaadhaaf birmata. Beela'aa quufsa. Daaraa (kan huccuu dhabe) uffisa. Dhukkubsataa fayyisa. Mokkoramaa nagaa taasisa. Tawbaa qeebala. Gaarii hojjataa mindeessa. Miidhamaa tumsa. Boonaa cabsa. Qullaa haguuga. Sodaataa nagaa godha. Ummata wahii ol kaasa. Kan

biraa gadi taasisa. Odoo warri samiifi dachii isaa, jalqabni ummata isaatiifi dhumti isaanii, jinnoonni isaaniifi namoonni isaanii akka qalbii namicha hundarra Rabbiin sodaatuu ta'anii sun mootummaa isaa irratti homaa hin dabalu. Odoo warri samiifi dachii isaa, jalqabni ummata isaatiifi dhumti isaanii, jinnoonni isaaniifi namoonni isaanii akka qalbii namicha hundarra jallataa ta'anii sun mootummaa isaa irraa homaa hin hir'isu. Odoo warri samiifi dachii isaa, jalqabni ummata isaatiifi dhumti isaanii, jinnoonni isaaniifi namoonni isaanii, jiraataafi du'aan isaanii, jiidhaafi gogaani isaanii, dirree tokko irra dhaabbatanii isa kadhannaan hundaafuu kadhaa isaanii kennee sun waan isa bira jiru irraa hanga madaala atomiiyyuu hin hir'isu. Inni jalqaba isa dura isaa homaa hin jirreedha. Dhuma kan booda isaatii homaa hin jirreedha. Gubbaa isa kan isaa ol homaa hin jirreedha. Keessoo kan duuba isaa homaayyuu hin jirreedha. Inni khayriin isaa baay'atee ol ta'ee irra haqa godhataa waan faarfameeti. Warra gabbarame cufarraa kan haqa godhatuudha. Irra caalaa warra galateeffatameeti. Irra mararfataa waan moo'eeti. Irra arjaa warra kadhatameeti. Inni mootii shariika hin qabneedha. Tokkicha qixa hin qabneedha. Of danda'aadha ilmoo hin qabu. Ol ta'aa fakkii hin qabneedha. Fuula isaa wanti hundinuu ni bada. Mootummaa isaa malee wanti hundinuu ni dhabamti. Eeyyama isaatiin malee ittiin hin bulamu. Beekumsa Isaatiin malee hin fincilamu. Ittiin bulamnaan ni galateeffata. Diliin hojjatamnaan araarama. Adabbiin





isaa hunduu haqa. Qananiin isaa hunduu tola isaati. Irra dhihoo as jiruudha. Dhihoo hubataadha. Sammuus ni qaba. Dalagaa hundaa galmeessa. Beellama barreessa. Qalbiin isaaf dhaqqabduudha. Iccitiin isa biratti mul'ataadha. Kenni isaas haasaadhaani; adabbiin isaas haasaadhaan. "Ajajni isaa yeroo waa tokko fedhe ta'i jechuudha. Achumaan ta'a." Haasaan Ibn Alqayyim asitti xumurame.

### 03 Barnoota shari'aa barachuu:

inni barumsa isa isa argachuun gara sodaa Rabbiitiifi iimaanni dabaluudhaan nama dhaqqabsiisuudha.

Rabbiin ol ta'e ni jedhe: "gabroota isaa irraa kan Rabbiin sodaatu beektota qofa." Iimaanni warra waa beekaniifi waa hin beeknee wal hin qixxaa'u. Akkamumatti namni sharii'aa adda adda baasee beeku, hiika shahaadatayniifi dirqama ishee, waan du'a booda jiru kan akka fitnaa qabrii, cinqii dirraa mahshar, dhaabbii Guyyaa Qiyaamaa, qananii jannataa, hikmaa sharii'aan waan tokko halaala godhuufi haraama godhuu keessatti qabu, seenaa Nabiyyii ﷺ fi gosa barnoota sharii'aa kan biroo kan beeku isa amantiifi ahkaama isaa, waan sharii'aan waa'ee ghaybii nuuf hime hin beekneen akkamitti iimaana keessatti wal qixxaa'a! inni kun qoodni isaa jaaminaan nama biraa hordofuudha. Wanti inni beekumsa irraa qabu xiqqoodha. "jedhi! Sila warri beekanuufi hin beekne wal qixxaa'uu? (hin qixxaa'u)."

**04 Wal ga'ii beekumsaa keessa taa'uu: inni immoo iimaana dabalchiisa.**

Kunis sababni isaa hedduudha. Tokko zikrii Rabbiitu achi keessatti argama. Rahmatatu taa'ichicha haguuga. Tasgabbii qalbiitu itti buufama. Maleylkaan warra zikrii jedhan ni marsiti. Rabbiin maleykaa ol aanoo keessatti isaan dubbata. Isaaniin maleykotatti dhaaddata. Dilii isaanii isaaniif araarama. Kun immoo hadiisowwan sahiiha keessatti dhufeera. Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"ummanni wahii taa'anii Rabbiin zakkarraan maleykaan isaan marsitee, rahmanni isaan haguugdee, tasgabbiin qalbii isaan irratti buutuufi Rabbiin warra Isa biraatti isaan dubbatu malee hin hafu."** Muslimtu gabaase.

Sahl bin Alhanzalaa irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"ummanni wahii zikrii Rabbii irratti walitti qabamanii yeroo irraa adda bahan 'haala isiniif araaramameen ka'aa' jedhaman malee hin hafanu." Sahiih Aljaami'iin keessa jira. Ibn Hajar, Rabbiin isa haa mararfatuu, ni jedhe: "zikrii Rabbii jedhamee dubbatamee waan inni dirqama godheen yookiin itti kakaaseen hojjachuu, akka Qur'aana qara'uu, hadiisa qara'uu, ilmii barachuu fa'i." Fat-hul baarii keessa jira. Akka bakka barnoota sharii'aa iimaana dabalu kan akeeku hadiisa imaamu Muslim gabaaseedha: Hanzalaa Al-asadii irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe: Abuu Bakriin na qunnamee 'ati akkami yaa Hanzalaa?' jedhe. 'Hanzalaan munaafiqoomeera' Nabiyyiin ﷺ jedhe. 'Rabbiin qulqullaa'e! maal jettabboo?' jedhe. Nan jedhe: 'Ergamaa Rabbii ﷺ bira yeroo jirru jannataafi ibiddaan nu yaadachiisa. Oggas akka waan nuti ishee argaarruu fakkaata. Yeroma Ergamaa Rabbii ﷺ biraa baanu niitolii, ilmaaniifi jireenyaan wal makannee hedduu isaa daganna.' Abuu Bakriinis 'wallaahii nutis waanuma akka kanaatu nu qunnama' jedhe. Aniifi Abuu Bakriin deemnee Ergamaa Rabbii ﷺ irra seenne. Nan jedheen: "yaa Ergamaa Rabbii Hanzalaan munaafiqoomeera." Ergamaan Rabbiis ﷺ "maaliif inni?" jedhan. Nan jedhe: "yaa Ergamaa Rabbii ﷺ yeroo si bira jirru jannataafi ibiddaan nu yaadachiifta. Oggas akka waan nuti ishee argaarruu fakkaata. Yeroma si biraa baanu niitolii, ilmaaniifi jireenyaan wal makannee hedduu isaa daganna." Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "Isa lubbuun kiyya harka Isaa jiruun kakadhee! Odoo akka yeroo na bira jirtanu taatanuurraafi zikrii irra turtanii silaa maleykaan firaasha keessan irrattiifi karaa keessan keessatti harka isin fuuti ture. Garuu yaa Hanzalaa yeroo yeroodha. Si'a sadi jedhan."** Muslimtu gabaase.

Sahaabonni zikriidhaaf jecha taa'uu irratti baay'ee xiyyeeffatu. Iimaana jedhanii isa waamus. Mu'aaz nama wahiitiin ni jedhe: "nuun taa'i mee yeroo tokko amannaa." Sanadni isaa sahiiha.

**05 hojii gaarii baay'isuu,**

Sababa iimaana jabeessu keessaa kan biroo immoo hojii gaarii baay'isuu, yeroo isheedhaan fixuudha:

Kun immoo irra guddaa wallaansaati. Inni akkaan guddaadha. Bu'aan isaas iimaana jabeessuu keessatti akkaan guddaadha. Siddiiq kana keessatti fakkeenya guddaa ta'eera. Yeroo Ergamaan Rabbii ﷺ sahaabota isaanii gaafatan **"isin irra har'a eenyutu soomaa ka'e?"** Abuu Bakriin 'ana' jedhe. 'Isin irraa har'a eenyutu janaazaa hordofe?' jedhan. Abuu Bakriin 'ana' jedhe. 'har'a isin irraa eenyutu hiyyeessa nyaachise?' jedhan. Abuu Bakriin 'ana' jedhe. 'Har'a isin irraa eenyutu dhukkubsataa gaafate?' jedhan. Abuu Bakriin 'ana' jedhe. Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"wantoonni kun namoota keessatti walitti qabamanii jannata seenu malee hin hafu."** Muslimtu gabaase.

Seenattiin kun akka Abuu Bakriin gosa hojii kamuu booji'achuu fi ibaadaa heddummeeffachuuf ariifatu akeeka. Yeroma gaaffiin akka tasaa Ergamaa Rabbii ﷺ irraa dhufu Abuu Bakriin kana hunda deebisuun yeroo isaa hojii khayriitiin guutameera jechuudha. Salafoonni hojii khayrii dabalachuufi yeroo isaanii ittiin fixuu keessatti sadarkaa guddaa ga'aniiru. Fakkeenyi sanaa kan waa'ee Hammaad bin Salamaa irraa odeeffamuudha. Abdurrahmaan bin Mahdii ni jedhe: 'odoo Hammaad bin Salamaatiin bor duuta jedhamee hojiirraa homaayyuu ida'uu hin danda'u.'





Siyaru A'alamunnubalaa'i. waa'ee hojii gaarii ilaalchisee Muslimni wantoota armaan gadii guutuu qaba:

**Gara isheetti ariifachuu:**

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿وَسَارِعُوٓاْ إِلَىٰ مَغۡفِرَةٖ مِّن رَّبِّكُمۡ وَجَنَّةٍ عَرۡضُهَا ٱلسَّمَٰوَٰتُ وَٱلۡأَرۡضُ أُعِدَّتۡ لِلۡمُتَّقِينَ﴾ [آل عمران: ١٣٣]

***"Gara araarama Gooftaa keessan irraa ta'ee fi gara jannata warra Rabbiin sodaataniif qophooftee kan bal'inni ishee akka samii fi dachii taateetti arifadhdaa."*** (Aali Imraan: 133).

Ammas Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿سَابِقُوٓاْ إِلَىٰ مَغۡفِرَةٖ مِّن رَّبِّكُمۡ وَجَنَّةٍ عَرۡضُهَا كَعَرۡضِ ٱلسَّمَآءِ وَٱلۡأَرۡضِ أُعِدَّتۡ لِلَّذِينَ ءَامَنُواْ بِٱللَّهِ وَرُسُلِهِۦۚ ذَٰلِكَ فَضۡلُ ٱللَّهِ يُؤۡتِيهِ مَن يَشَآءُۚ وَٱللَّهُ ذُو ٱلۡفَضۡلِ ٱلۡعَظِيمِ﴾

[الحديد: ٢١]

***"Gara araarama Gooftaa keessan irraa ta'ee fi jannata bal'inni ishee akka bal'ina samii fi dachii ta'eetti wal dorgomaa. Isaan Rabbii fi ergamtoota Isaatti amananiif qophoofte. Kun tola Rabbii kan Inni nama fedheef kennuu dha. Rabbiin abbaa tola guddaati."*** (Alhadiid: 21).

Wantoonni aayatoonni kun sahaabota biratti akeekan gara hojiitti ariifachuudhaaf bareechee kakaasa.

خرج رسول الله ﷺ فتكلم فقال: إن لنا طلبة فمن كان ظهره حاضرا فليركب معنا فجعل رجال يستأذنونه في ظهرانهم في علو المدينة فقال: لا إلا من كان ظهره حاضرا، فانطلق رسول الله ﷺ وأصحابه حتى سبقوا المشركين إلى بدر وجاء المشركون فقال رسول الله ﷺ: لا يقدمن أحد منكم إلى شيء حتى أكون أنا دونه فدنا المشركون فقال رسول الله ﷺ: قوموا إلى جنة عرضها السموات والأرض قال يقول عمير بن الحمام الأنصاري: يا رسول الله جنة عرضها السماوات والأرض، قال: نعم، قال: بخ بخ، فقال رسول الله ﷺ: ما يحملك على قولك بخ بخ؟ قال: لا والله يا رسول الله إلا رجاءة أن أكون من أهلها، قال: فإنك من أهلها فأخرج تمرات من قرنه فجعل يأكل منهن ثم قال: لئن أنا حييت حتى آكل تمراتي هذه إنها لحياة طويلة، قال: فرمى بما كان معه من التمر ثم قاتلهم حتى قتل.

Hadiisa Muslim gabaase keessatti Anas bin Maalik irraa odeeffamee ﷺ waa'ee lola Badrii keessatti ni jedhe: yeroma Mushrikoonni dhihaatan Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"gara jannata ballinni ishee samiifi dachii ta'eetti ka'aa dhaabadhaa." Umeer bin Alhammaam Al-ansaariin ni jedhe: 'yaa Ergamaa Rabbii jannata ballinni ishee samiifi ardiin qixxaattumoo?' "Eeyyee" jedhan. 'Tole! Tole!' jedhe. Ergamaan Rabbii ﷺ "jecha kee tole! Tole! Jedhu kana irratti maaltu si kaase?" jedhan. Innis "homaa miti wallaahii yaa Ergamaa Rabbii! Warra ishee irraa ta'uu kajeellaadha malee homaa miti."** Muslimtu gabaase.

## Isheerra turuu:

Ergamaan Rabbii ﷺ hadiis Alqudsii keessatti Rabbii isaanii irraa fuudhanii ni jedhan: **"gabrichi koo sunnaadhaan natti siqannaan isa jaaladhu malee hin hafu."** Bukhaariitu gabaase.





Jechi kana irraa hin dabne irra turuu akeeka. Ammas Nabiyyiin ﷺ: **"hajjiifi umraa wal hordofsiisaa."** Tirmiziitu gabaase.

Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira. Wal hordofsiisuunis irra turuu agarsiisa. Bu'uurri kun iimaana jabeessuu keessatti hundeedha. Waan xiqqoo turutu baay'ee ciccitu caala. Hojii gaarii irra turuun iimaana ni jabeessa. Nabiyyiin ﷺ 'hojii irraa isa kamtu gamr Rabbiitti irra jaallatamaa' gaafataman. **"Isheen hojii turteedha; odoma xiqqaatteeyyuu"** jedhan. Bukhaariitu gabaase.

Nabiyyiin ﷺ yeroo hojii wahii hojjatan ishee irra ni turu. Muslimtu gabaase.

## Ishee irratti qabsaa'uu:

goggogina qalbii wallaanuun yeroo murtaa'aa qofaaf ta'uu hin qabu. Iimaanni yeroo murtaa'aa tolee ergasii gara dadhabinaatti deebi'uu hin qabu. Inumaayyuu ka'iinsa iimaanaa walitti fufaa ta'uu qaba. Kun immoo ibaadaa keessatti qabsaa'uudhaan malee hin ta'u. Rabbiin immoo kitaaba isaa keessatti qabsoo waliyyoota isaa bifa hedduun dubbateera.

﴿إِنَّمَا يُؤْمِنُ بِـَٔايَـٰتِنَا ٱلَّذِينَ إِذَا ذُكِّرُوا۟ بِهَا خَرُّوا۟ سُجَّدًا وَسَبَّحُوا۟ بِحَمْدِ رَبِّهِمْ وَهُمْ لَا يَسْتَكْبِرُونَ ۩ ﴿١٥﴾ تَتَجَافَىٰ جُنُوبُهُمْ عَنِ ٱلْمَضَاجِعِ يَدْعُونَ رَبَّهُمْ خَوْفًا وَطَمَعًا وَمِمَّا رَزَقْنَـٰهُمْ يُنفِقُونَ﴾ [السجدة: ١٥-١٦]

***“warren Ayatootoota keenyatti amanan isaan yeroo isheen gorfaman kan hin boonne ta’anii sujuuda bu’anii, Rabbii isaanii faarsan qofa. Cinaachi isaaniis ciisicha irraa ni fagaatti. Sodaataa fi kajeelaas Goftaa isaanii ni kadhatu. Waan isaaniif kennine irraas ni sadaqatu.”*** (Assajadaa: 15-16).

﴿كَانُواْ قَلِيلًا مِّنَ ٱلَّيۡلِ مَا يَهۡجَعُونَ ١٧ وَبِٱلۡأَسۡحَارِ هُمۡ يَسۡتَغۡفِرُونَ ١٨ وَفِيٓ أَمۡوَٰلِهِمۡ حَقّٞ لِّلسَّآئِلِ وَٱلۡمَحۡرُومِ﴾ [الذاريات: ١٧–١٩]

Rabbiin ol ta’e ni jedhe: ***“Halkan irraa xiqqaa qofa kan rafan turan. Yeroo hiraabaa (obboroo) isaan araarama kadhatanii dha. Kan qabeenya isaanii keessa kadhataa fi kan hin kadhanneefis haqni jiruu dha.”*** (Azzaariyaat: 17-19).

Akkaataa warra ibaadaa godhanuu baruudhaaf haala salafaa beekuun waan baay’ee nama jaalachiisuudha; isaanitti hidhachuuttis nama harkisa. Sana keessaa tokko Qur’aana torbii keessa yeroo tokko fixu, yeroo lolaas halkan keessa ka’anii salaataaf dhaabbatu; Rabbiin faarsu, tahajjuda sagadu. Kana immoo mana hidhaa keessa taa’aniis ni raawwatu. Miila isaanii taraa galchu; imimmaan isaanii maddii isaanii irra yaa’a. uumama samiifi dachii keessa ni xiinxalu; akka dubartoonni daa’ima ishee gowwoomsitu tokkoon isaanii niitii isaa gowwoomsa. Yeroo rafuu ishee hubate wayaa ishee jalaa ba’ee firaasha ishee gadi dhiisee salaata. Halkan isaanii lubbuu isaaniitiifi maatii isaaniitiif qoodu. Guyyaan isaanii immoosooma, barachuu, barsiisuu, janaazaa hordofuu, dhukkubsataa gaafachuufi dhimma namaa baasuudha. Garii isaanii irra odoo takbiiraan ihraamaa kan salaata jamaa’aa imaamaa wajjin isaan hin darbin waggaan heddu isaan bira tara. Qalbiin isaanii masjidatti rarraatuudha. Booda salaataatii salaata biraa eeggatu. Tokkoon isaanii maatii obboleessa isaa erga inni du’ee to’atee ilaalee waggaa dheeraa isaan qallaba. Namni haalli isaa akkana ta’e iimaanni isaa ni dabalata.




### Lubbuu ofii taatiyeessuu dhiisuu:

ibaadaa irra turuufi isa keessatti qabsaa’uu ogga jennu lubbuu ofii taatiyoo keessa buusuu miti. Kan itti fedhame ibaadaa irraa cituu dhiisuudha. Wanta lamaan waliin madaaluun kan mijaa’u Muslimni hojii irraa waan danda’u of irra kaa’uudhaan, jiddu gala ta’uufi haqatti dhihaachuudhaan. Yeroo lubbuun isaa hamilee qabaachuu arge ni nashaaxa. Yeroo taatiyaa’uu ishee hubate immoo jiddu gala ta’a. Adeemsa kana irratti kan nu akeeku immoo hadiisa baay’eedha. Isaan keessa tokko hadiisa Ergamaa Rabbiiti ﷺ: **“amantiin Islaamaa salphaadha; namni tokkollee amantii jabeessee hin hafu yoo isa mo’ate malee. Jiddu gala hojjadhaa; haqatti dhihaadhaa.”** Bukhaariitu gabaase.

Gabaasa biraatiin immoo “jiddu gala! Jiddu gala qabadhaa! Kaayyoo ni dhaqqabdu.” Kanas Bukhaariitu gabaase.

Bukhaariin, Rabbiin isa haa mararfatuu ni jedhe: ‘boqonnaan kun ibaadaa daangaa isaatii olitti jajjabeessuun akka jibbamu

dubbata. Anas irraa odeeffamee ﷺ ni jedhe: **"Ergamaan Rabbii ﷺ ni seenan. Ogga sana funyoon jidduu utubaa lamaatti hidhamee jira. 'Funyoon kun maali?' jedhan. 'Kun funyoo zaynabaati; yeroo dadhabde isarratti hirkatti' jedhaniin. Ni jedhan: "hin ta'u! isa hiikaa. Tokkoon keessan hanga nashaaxa qabuun haa salaatu; yeroo dadhabe haa taa'u."** Bukhaariitu gabaase.

Ergamaan Rabbii ﷺ yeroma Abdullaah bin Amr bin Al-aas halkan guutuu dhaabbata; guyyaa immoo wal hordofsiisee sooma jechuu dhaga'an sana irraa isa dhorgan. Sababa isaa immoo akkana jedhanii ibsan: **"ati yeroo sana hojjatte ija kee dadhabsiifte; lubbuu keetis taatiyeessite."** Bukhaariitu gabaase.

Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"hojii irraa waan dandeessan qofa of dirqaa; Rabbiin hanga isin taatiyooftanutti hin taatiyaa'u. hojiin gama Rabbiitti hundarra jaallatamu odoma xiqqoo ta'eeyyuu isa irra turameedha."** Nasaa'iitu gabaase.

Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

### Hojii waan nama tares qadaa baasanii itti dhaqqabsiisuu:

Umar bin Alkhaxxaab irraa odeeffamee ﷺ ni jedhe: Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: **"namni ibaadaa halkan aadeffate irraa rafee yookiin hanguma ta'e irraa rafee jidduu salaata Fajriifi Zhuhriitti qara'e akka waan inni halkan qara'eetti isaaf katabama."** Muslimtu gabaase.

Aa'ishaa irraa odeeffamee ﷺ ni jette: **"Ergamaan Rabbii ﷺ yeroo salaata wahii salaatan ishee irratti dawwamu. Yeroo dhaabbiin halkanii isaan tare ijji isaanii hirribaan yookiin dhukkubaan isaan mo'ate guyyaa irraa raka'aa kudha lama salaatu."** Ahmadtu gabaase.

Gabaasa biraatiin immoo **"yeroo halkan irraa rafan yookiin immoo dhukkubsatan guyyaa irraa raka'aa kudha lama salaatu turan."** Muslimtu gabaase.

Ummu Salamaan yeroma isaanii Asrii booda raka'aa lama salaatanuu argitee isaan gaafattu akkana jedhanii deebisaniif: **"yaa intala Abuu Umayyaa! Raka'aa lamaan booda Asrii irraa na gaafattee, namoonni Abdul Qays irraa ta'an natti dhufanii raka'aa lamaan booda Zhuhrii irraa na shaaghalan; kunoo isaan raka'aa laman sana."** Bukhaariitu gabaase.

Yeroo Zhuhrii dura raka'aa afur salaatuun isaan tare booda salaatu turan. Tirmiziitu gabaase. Hadiisonni kun yeroo sunnaan raatibaa nama tare qadaa baasuu nu akeeka. Ibn Alqayyim waa'ee sooma Ergamaa Rabbii ﷺ ji'a sha'abaanaa keessa kan biraa irra caalchisan ilaalchisee waa sadi dubbate: tokko ji'a hunda irraa guyyaa sadi soomu ture; yeroo garii immoo ji'oota heddu keessa shaaghalame odoo soomni dirqamaa itti hin dhufin sha'abaana keessatti

walitti qaban. Ramadaana irraa kurnan dhumaa i'itikaafa taa'u turan. Bara ala i'itikaafiin dhimma imalaatiif isaan taru bara isa itti aanu keessa digdama i'itikaafa taa'an.

**Akka tasaa narraa** qeebalamuu dhabaa sodaataa qeebalamuu isaa kajeeluu: namni tokko erga hoji khayrii keessatti baay'ee qabsaa'ee booda isarratti deebifamuu sodaachuu barbaachisa. Aa'ishaa irraa odeeffamee ﷺ ni jette: Ergamaa Rabbiin ﷺ aayata **"warra waan kennatan haala qalbiin isaanii sodaattuu taateen kennatan" jedhu irraa gaafadhe. Isaan sila warra khamrii dhuganuufi hatanuudhaa? jette. Ni jedhan: "miti yaa intala Siddiiq; garuu isaan warra isaan irraa qeebalamuu sodaataa sooman, salaatanuufi sadaqaa kennanuudha. Warra kana kan khayrii keessatti wal dursanuudha."** Tirmiziitu gabaase.

Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira. Abuddardaa'i ﷺ ni jedhe: **"ani Rabbiin salaata tokkittii narraa qeebaleera jechuu mirkaneeffachuutu addunyaafi waan ishee keessa jiru cufarra na biratti jaallatama. Rabbiin ni jedhe: "kan Rabbiin qeebalu warra isa sodaatu qofa irraayi."** Ahmadtu gabaase.

Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

Amaloota mu'uminaa keessaa kan biroo waajiba Rabbii biratti lubbuu isaa tuffachuudha. Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"namni tokko odoo erga guyyaa uumamee jalqabee hanga guyyaa du'uutti jaalala Rabbiin barbaacha fuula isaatiin lafarra harkifameeyyuu Guyyaa Qiyaamaa isa tuffata."** Ahmadtu gabaase.




Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira. Namni Rabbiin baree lubbuu isaas bare qaamni isaa waliin jiru odoma hojii namootaafi jinnii hojjateeyyuu gahaa hin ta'u garuu Rabbiin arjummaa Isaatiifi tola isaatiin namarraa qeebalee isarratti mindaa kennaa bara.

### 06 Ibaadaa gosa gosaan baay'isuu:

Tola isaarraa kan ka'e gosa ibaadaa nuuf baay'iseera. Isaan irraa kan akka salaataa qaamaan raawwatamantu jiru; isaan irraa ammas kan akka zakaa qabeenyaan raawwatamutu jira. Ammas isaan irraa kan akka zikriifi du'aa'ii kan arrabaan dubbatamantu jiru. Gosti tokkollee waajibaafi sunnaatti qoodamu. Akkasumas sunnaan kan akka salaataa raatibaa kudha lama, isaan keessaa kan akka raka'aa afran Asrii duraafi salaata Adduhaa sadarkaan kaan irra hir'atu. Isaan irraas kan akka salaata laylii kan sadarkaan isaanii akkaan guddaatu jiru. Isaan immoo bifa hedduun jiru. Lama lamaan, afur afuriin sana booda witrii godha. Kaan immoo shan, torba yookiin sagal tashahhuda tokkoon raawwachuutu jira. Akkuma kana namni ibaadaawwan adda addaa hordofe gosa adda addaa lakkoofsa keessatti, yeroo keessatti, akkaataa keessatti, sirna keessattiifi ahkaama keessatti arga. Hikmaan kana keessa jiru akka lubbuun hin taatuyoofneef haaraadhaan akka wal arguuf ta'uutu mala. Kana malees lubbuu namaa

wahitti harkifamuufi mijaa'uufii keessatti gosa tokkoo miti. Lubbuun gariin salaataaf dhaabbachuu keessatti kan biraa irra gammaduutu mala. Rabbiin inni balbala jannataa gosa gosa ibaadaatiin qopheesse qulqullaa'e. Hadiisa Abuu Hurayraa keessatti akka dhufetti Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"namni waan qindii lama karaa Rabbii keessatti kennate hulaalee jannataa irraa waamamee 'Yaa gabricha Rabbii kun toltuudha' jedhamaan. Namni warra salaatu irraa ta'e balbala salaataa irraa waamama. Namni warra jihaadaa irraa ta'e balbala jihaadaa irraa waamama. Namni warra soomaa irraa ta'e balbala rayyaan (dheebuu baasaa)irraa waamama. Namni warra sadaqaa irraa ta'e balbala sadaqaa irraa waamama."** Bukhaariitu gabaase.

Kan hadiisa kana keessatti itti fedhame warri hulaa keessatti sunnaa baay'isanuudha. Waajibni immoo hundarratti raawwachuun isaa dirqama. Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"Abbaafi haadhatti tola ooluun walakkaa hulaalee jannataati."** Tirmiziitu gabaase.

Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira. Gosawwan adda addaa kana fayyadamanii dadhabina iimaanaa wallaanuun ni danda'ama. Akkasumas waajiba irratti eeggachuu waliin ibaadaa ishee lubbuun itti dabtu baay'isuudhaan dadhabina iimaanaa wallaanuun ni danda'ama. Kana hubadhu. Namni Muslima ta'e tokko yeroo ragoolee ibaadaa walitti fide gosa addaa kan mallattoo adda ta'e lubbuu keessatti uumtu kan waan biraa keessatti hin argamne argachuun isaa ni mala. Kun fakkeenya lama:

- Abuu Zarri irraa odeeffamee ﷺ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"namoottan haala sadi qaban Rabbiin isaan jaalata; namoota haala sadii kan biraa qaban immoo Rabbiin isaan jibba. Warri sadan Rabbiin isaan jaalatu: namni tokko diina Muslimaa garee wahii keessatti argee morma isaa olitti baasee isa ajjeesa yookiin hiriyoota isaatiif biyyattii bana; ummanni wahii imala deemnaan deemsi isaanii dheeratee lafa irra qubachuu jaalatanii qubatan, namni wahii isaan irraa achi siqee salaatee adeemsa isaaniitiif isaan dammaksa. Namni biraa immoo ollaa isa rakkisu wahiitu jira, hanga duuti jidduu isaanii adda baasutti rakkoo isaa sana irratti obsa."** Ahmadtu gabaase.
- Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.
- Namni wahii gara Ergamaa Rabbii ﷺ dhufee gogina qalbii isaa himate. Ergamaan Rabbii ﷺ isaan jedhan: "qalbiin kee siif laafee dhimma keetti gahuu ni jaallattaa? Yatiimaaf garaa laafi; mataa isaa haxaa'i. nyaata irraa isa nyaachisi. Qalbiin kee siif laafa; dhimma keetti ni dhaqqabda." Hadiisicha Axxabraaniitu gabaase. Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jiraa ilaali. Kun ragaa kallattiidhaan waan dadhabina iimaanaa ittiin wallaanan akeekuudha.

## 07 khaatimaan baduu irraa sodaachuu

Wantoota dadhabina iimaanaa wallaanan keessaa tokko khaatimaan baduu irraa sodaachuudha.

Sababni isaas inni Muslima gara hojii khayriitti kakaasa, iimaana qalbii keessatti haaromsa waan ta'eef. Khaatimaan namaa baduun sababa hedduuni. Isaan irraa tokko iimaanni dadhabuufi dilii keessa gadi fagaachuudha. Ergamaan Rabbii ﷺ waan kanaaf immoo bifa heddu dubbataniiru. San keessaa tokko jecha "namni sibiila wahiitiin of ajjeese sibiilli isaa harka isaa keessa ta'eeti ibidda jahannam keessatti yeroo hundaaf hafaa ta'ee ittiin garaa isaa waraana. Namni summii dhuge lubbuu isaa baases inni ibidda jahannamaa keessatti yeroo hundaaf hafoo ta'ee isa hudhamaa liqimsa. Namni gaara irraa gadi konkolaatee lubbuu isaa baase inni jahannama keessatti kan yeroo hunda jiraatu ta'ee gadi konkolaata." Muslimtu gabaase.

Wantoota kana irraa kan bara Ergamaa Rabbii ﷺ keessa uumamte ni jirti. Sana keessaa tokko seenaa namicha isa loltoota Muslimaa waliin kaafirootaan lola cimaa eenyunuu fakkaataa isaa hin lolle lolaa turee Nabiyyiin ﷺ "inni warra ibiddaati" jedhaniiti. Namichi Muslima irraa ta'e tokko isa hordofee ilaale; namicha sana madaan cimaan isa tuqnaan du'a ofitti ariifachiisee seefii isaa jidduu harma isaa lamaanii kaa'ee isarratti hirkatee lubbuu isaa ajjeese. Bukhaariitu gabaase. Akkaataan namootaa waa'ee khaatimaan baduu keessatti gosa heddu. Warri beekumsa qaban baay'ee barreessaniiru. Sana keessaa tokko waan Ibn Alqayyim kitaaba isaa 'dhukkubaafi dawaa' keessatti dubbateedha: "garii isaaniitiin ogga inni du'uu ka'u 'Laa ilaaha illallaah' jedhi jedhame. An ishee jechuu hin danda'u jedhe. Kan biraatiinis 'Laa ilaaha illallaah' jedhi jedhame. Achumaan sirba walirra naqee oofuu jalqabe. Namicha daldaalaa tokko kan daldaalli isaa zikrii Rabbii irraa isa shaagalte wahiitiinyeroma duuti isatti dhuftu 'Laa ilaaha illallaah' jedhi jedhame. Inni immoo hanga du'utti 'isheen kun gaariidha; kun siif mala; kun gatiin ishee rakasa' jedhe." Dubbiin Ibn Alqayyim asitti xumurame. Garii loltoota mootii Naasir irraa irraa tokko duuti itti dhufnaan ilmi isaa 'Laa ilaaha illallaah jedhi' jedheen. Innis 'waliyyiin koo Naasir' jedhe. Ilmi sun jecha kana itti deebise. Innis deddeebisee 'waliyyiin koo Naasir' jedhee sana booda du'e jechuutu odeeffama. Nama biraatiin immoo 'Laa ilaaha illallaah jedhi' jedhame. Inni immoo 'qehee abaluu keessatti waan akkanaa bareechaa; ashaakiltii abaluu keessatti waan akkasii hojjadhaa' jedhe. Tokkoon warra shakkiitiin immoo 'Laa ilaaha illallaah jedhi' jedhame. Inni immoo 'kudhan kudha tokkoon' jedhee odoo isa deddeebisuu du'e. Gariin isaanii immoo bifti isaa ni gurraacha'a; yookiin immoo qiblaa irraa gara gala. Ibn Aljawziin, Rabbiin isa haa mararfatuu, ni jedhe: "gariin nama khayrii heddu qabaa isa keessatti yaadu wahii halkan inni du'u kan inni 'Rabbiin koo kuunnoo na

miidhaa jira' jedhe." Rabbiin jecha isaa irraa ol ta'e! odoo firaasha du'aa irra jiruu Rabbiin zulmiidhaan shakkee tuqa. Sana booda Ibn Aljawziin ni jedhe: "Qophiin ittiin guyyaa kana qunnamu argamsiisuuf jecha rifataafi gaddaa ta'uu irraa hin dabne." Subhaanallaah! Namoonni kana irraa xiinxallaa meeqa arge? Haala nama du'aa jiruu keessaa kan isaan irratti dhokatu immoo harka meeqa baay'eedha.

### 08 Yaadannoo du'aa baay'isuu:

Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"yaadannoo murtuu du'aa baay'isaa. Du'atti fedhaniiti."** Tirmiziitu gabaase.

Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira. Du'a yaadachuun badii irraa nama dhorga; qalbii gogaa jiisa. Namni jireenya dhiphoo keessatti isa yaadatee isarratti bal'isu malee hin hafu. Bal'ina keessattis isa yaadatu isarratti dhiphisu malee hin hafu. Wanti guddaan du'a nama yaadachiisu immoo qabrii ziyaaruudha. Kanaafuu Nabiyyiin ﷺ ishee ziyaaruutti ajajanii ni jedhan: "qabrii zayyaruu irraa isin dhorgeen turee, dhaga'aa amma ishee zayyaraa; isheen qalbii laaffifti; ija imimmaan buusifti; aakhiraa nama yaadachiifti. Ooddee hin jedhinaa." Alhaakimtu gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira. Inumaa qabrii kaafiraayuu gorfamuuf jechi zayyaruun Muslimaaf ni eeyyamama. Ragaan kana immoo Sahiiha Muslim keessatti dhufeedha. Ergamaan Rabbii ﷺ "qabrii haadha isaanii dubbisanii boo'anii namoota naannoo isaanii boossisan. Ni jedhan: **"araarama isheedhaaf kadhachuun Rabbii kiyya irra eeyyema barbaadee naaf hin eeyyamne. Qabrii ishee zayyaruu eeyyama isa gaafannaan naaf eeyyame. Qabriiwwan zayyaraa isheen du'a nama yaadachiift."** Muslimtu gabaase.





Qabrii zayyaruun waan guddaa qalbii namaa laaffisuudha. Namni zayyaru sun du'a yaadachuudhaan fayyadama. Namni inni du'ee jiru immoo du'aa'iidhaan fayyadama. Waa'ee kanaa keessatti kan hadiisa keessatti dhufe jecha Ergamaa Rabbiiti ﷺ **"assalaamu alaykum ahladdiyaari minal Mu'uminiina wal Muslimiin. Wa yarhamullaahul mustaqdimiina minnaa wal musta'akhiriin. Wa innaa inshaa'allaahu bikum lalaahiquun."** Muslimtu gabaase.

Hiikti isaa: yaa warra ganda kanaa kan Mu'uminaafi Muslima irraa taatan nagaan isin irra haa jiraatu. Nurraa warra durses ta'ee kan booda aane Rabbiin haa mararfatu. Nuti yoo Rabbiin fedhe isinitti qunnamoo[1]dha. Namni qabrii dubbisuu murteeffate naamuusa ishee guutuu qaba; yeroo gara ishee dhufus qalbii isaatiin itti hirmaachuu qaba. Akkasumas ziyaaraa isaatiin fuula Rabbii barbaaduufi badii qalbii isaa sirreessuu fedhuu qaba. Sana booda warra biyyee jala seenee maatiifi jaalallee irraa cite kana yaadatee xiinxala. Namni zayyaru kun haala namoottan taranii kan obboleeyyan isaa irraa ta'an, hirkoo hiriyoottan isaa warra yaada isaanii ga'anii, kan qabeenya walitti qabanii

1 Kana jechuun yoo Rabbiin fedhee Islaamummaa irratti duunee isiniin wal qunnamna jechuudha.

haa ilaalu, kaayyoon isaanii isaan duraa citte; qabeenyi isaanii homaa isaan hin fayyanne; biyyeen bareedina fuula isaanii haqe; qaamni isaaniis qabrii keessa bakka heddutti qoodamte; dubartoonni isaaniis booda isaaniitii haadha hiyyeessaa taate; xinneenyi yatiimummaa ilmaan isaanii wal ga'ee. Yeroo sana rakkoo sababa qofaan gowwoomuu, fayyaafi dardarummaa qofatti dabuu, gara taphaafi qoosaatti dabuu haa ilaalu. Innis gara isaan deeman sana deemuun isaa hin hafu. Mee haala namoota du'anii akkamitti akka miilli isaa tortorte, ijji isaa baqxee yaate, raammoon arraba isaa nyaatteefi biyyeen ilkaan isaa itti tortorsite haa xinxalu.

Namni yaadannoo du'aa baay'ise waa sadihiin kabajama: tawbaa ariifachiisuu, qalbiin isaa waan xiqqoon of ga'uufi ibaadaa irratti nashaaxuudha. Namni du'a dagate immoo waa sadihiin adabama: tawbaa irraa turuu, jireenya irraa waan isaaf ga'u jaalachuu dhiisuufi ibaadaa irraa taatiyaahuudha. Waa'ee du'aa keessaa wanti jijjiirama nafsii fidu tokko warra du'arra jiru ilaaluudha. Gara nama du'aaruu ilaaluun, sakaraafi lubbuun bahuu isaa hirmaachuun, suuraa isaa booda inni du'ee xiinxaluun waan lubbuu lazzaa irraa kutu, ija hirriba irraa dhorgu, qaamas boqonnaa irraa dhorgee hojiitti kakaasuudha. Qabsoos ni dabalchiisa. Hasan Albasriin dhukkubsataa tokko gaafachuuf irra seene. Sakaraa du'aa keessatti isa arge. Cinqii isaatiifi jabina waan isarra qubatee ilaalee maatii isaatti bifa isattiin ba'e irraa jijjiiramee kan biraatiin deebi'e. 'Nyaata nyaadhu.





Rabbiin si haa mararfatuu' jedhaniin. Innis 'yaa maatii koo! Nyaata keessaniifi dhugaatii keessan isinumti fayyadamaa. Wallaahii wallaansoo du'aa wahiin argee turee hangan isa qunnamutti isaaf hojjachuu hin dhiisu' jedhe.

Waa'een du'aa guutummaan namatti dhaga'amuu irraa tokko janaazaa irratti salaatuu, gurmuutti baachuu, gara qabrii isa geessuu, du'aa san awwaaluufi biyyee itti deebisuudha. Kun aakhiraa nama yaadachiisa. Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: "dhukkubsataa gaafadhaa; janaazaas hordofaa aakhiraa isin yaadachiisa." Ahmadtu gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira. Sana irratti dabalata immoo janaazaa hordofuu keessatti mindaa guddaa kan Nabiyyiin ﷺ dubbatantu jira: "namni mana ishee irraa kaasee janaazaa hordofe" gabaasa biraatiin immoo "namni janaazaa Muslimaa haala iimaana qabuufi Rabbirratti herreeggatuun hordofe hanga ishee irratti salaatutti ture mindaa qiiraaxa tokko argata. Namni hanga isheen awwaalamtutti ishee hordofe immoo qiiraaxa lama qaba." 'yaa Ergamaa Rabbii! Qiiraaxni lama maali?' jedhame. Isaanis "fakkii gaara gurguddaa lamaati" gabaasa biraatiin immoo "tokko tokkoon qiiraaxii akka gaara Uhudiiti" jedhan.

Salafoonni yeroo nama dilii keessa seseenu arganii gorsan waa'ee du'aa isa yaadachiisu. Salafa tokko biratti namni wahii majlisa isaa keessa taa'ee nama biraa hamate. Achumaan namicha isa hamate gorsuuf "yeroo jibrii ija kee lamaan irra kaa'an yaadadhu" jedhe. Kana jechuun yeroo duutee si kafananu yaadadhu jechuudha.

**09 Wantoota iimaana qalbii keessatti haaromsu keessaa tokko sadarkoota aakhiraatti qophaa'anii jiran yaadachuudha.**

Ibn Alqayyim, Rabbiin isa haa mararfatuu, ni jedhe: "yeroo yaanni isaa sirrii taate arguu isarratti dirqama gooti. Isheen ifa qalbiiti. Isaan wareega, dinniina, jannata, ibidda, waan Rabbiin isa kana keessatti waliyyoota isaatiif qopheesse, waan Rabbiin isa sana keessatti diinota isaatiif qopheesse arga. Kan namoonni ogga qabrii irraa bahanu da'awaa dhugaatiif ariifataa, maleeykonni samii buutee isaanitti marsitee, Rabbiinis dhugumatti dhufee, kursiyyiin isaa murtii dabarsuuf dhufee dhaabamee, dachiinis nuura isaatiin iftee, galmeenillee fidamtee kaa'amtee, nabiyyootaafi wareegamtootaan dhufamee, madaallis dhaabamee, barruunis dheerattee, warri wal falmu walitti qabamanii, abbaan hidaa nama irraa qabutti rarra'ee, hawdiiniifi kubbaayyaan isaa baay'ina irraa ifanii, dheebottoonnis baay'atanii, namni dhaqee dhugu immoo xiqqaatee, siraaxiin irra darbuuf dhaabamee, namoonni gara isaatti tuucha'anii, ifaan immoo dukkana isaa irra akka dabramuuf jecha namootaaf qoqoodamtee, ibiddi gariin ishee garii nyaattee, kan ishee keessatti gadi kufan dachaa dachaa warra nagaa bahanuu caalee arga. Qalbii isaa keessatti ija inni ittiin sana argutu banama; qalbii isaa irraa ragaan ragoolee aakhiraa irraa ta'e tokko dhaabatee aakhiraafi turtuu ta'uu ishee isa agarsiisa; akkasuma addunyaafi daftee dhumuu ishee isa agarsiisa." Madaarijussaalikiin keessatti dubbate. Qur'aanni kabajamaan isa keessa bakkeewwan guyyaa aakhiraa heddutu dubbatamee jira. Fakkeenyaaf suuraa Qaaf, Alwaaqi'aa, Alqiyaamaa, Almursalaat, Annaba'i, Almuxaffifiin, Attakwiir. Akkasumas kitaabota hadiisaa keessatti kan akka baaba qiyaamaa, arriqaaq, jannataafi ibidda keessatti bareechee dubbatamee argama. Mata duree kana jalatti wanti barbaachisaan tokko kitaabolee warra beekumsa qabanii kan waa'ee kanaa qofarratti kaa'aman dubbisuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf Haadil Arwaah kan Ibn Alqayyim, Annihaayatu fil fitani wal malaahim kan Ibn Kasiir, Attazkiratu fii Ahwaalil mawtaa kan Qurxubii, Alqiyaamatul Kubraa wal jannatu wannaaru kan Ma'amar Al-ashraqiifi kkf dha. Wanti asitti fedhame wantoonni iimaana dabalan irraa tokko waa'ee qiyaamaa, akkataa kaafamiinsaafi oofamuu, walitti qabamuu, shafaa'aa, qormaata, madaala, hawdii, siraaxii, ganda ibiddaafi jannataa beekuudha.





**10 Ammas wanta iimaana namaa dabalu irraa kan biraa mallattoolee uumamaa kana keessa xiinxaluudha.**

Bukhaariifi Muslim gabaasanii ni jedhan: **"Ergamaan Rabbii ﷺ yeroo duumeessa yookiin qilleensa wahii argan sun fuula isaanii irraa beekama ture." Aa'ishaan ni jette: 'yaa Ergamaa Rabbii! Namoonni yeroo duumessa argan kan isaan rooba abdiif jecha gammadanun arga; ati immoo yeroo isa argite jibbaa wahiitu fuula kee keessatti mul'ata?' Ni jedhaniin: "yaa Aa'ishaa maaltu**

**ibiddi isa keessa dhibamuu na amansiise? Ummanni hangi ta'an qilleensaan azzabamaniiru. Ummanni wahii adabbii arganii "kun rooba dhufee nuuf roobuudha" jedhan."** Muslimtu gabaase.

Yeroo gaaddiddaa'uu ji'aa argan ariifatanii rifannaan ka'anii dhaabatu turan. Sahiiha Bukhaarii keessatti Abuu Muusaa irraa odeeffamee ﷺ ni jedhe: **"biiftuun ni gaaddiddoofte; Nabiyyiin ﷺ rifataa Qiyaamaa ta'uu sodaataa ka'anii dhaabbatan."** Bukhaariitu gabaase.

Ergamaan Rabbii ﷺ yeroo kusuufaa[1]fi khusuufaa gara salaataatti rifachuu nu ajajan. Akka isaan lamaan mallattoolee Rabbii kan inni ittiin gabroota isaa sodaachisu ta'uu nutti himan. Qalbiin wanta mul'ataa kana xinxaluufi isaan rifachuun iimaana qalbii keessatti ni haaromsa. Azaaba Rabbiitiifi qabaa isaa, dandeettii isaa, humna isaafi adabbii isaa nu yaadachiisa. Aa'ishaan ni jette: Ergamaan Rabbii ﷺ harka kiyya qabanii ergasii gara samii akeekanii **"yaa Aa'ishaa sharrii isa kanaa irraa Rabbitti maganfadhu; inni kun isatu halkan ogga dukkanaa'e isa jedhameedha."** Ahmadtu gabaase.

Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira. Fakkeenya kanaa irraa kan biraa ammas yeroo bakka isaaniin lafti cite, warra azzabameefi qabrii warra zaalimoota bira ga'an

1 Kusuufni gaaddiddaa'uu ji'aa yoo ta'u khusuufni immoo gaaddiddaa'uu aduuti faallaa kanaas immoo jedhameera.





yaadatanii jijjiiramuudha. Ibn Umar irraa odeeffamee ﷺ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ yeroo sahaabota isaanii waliin Hijriin bira ga'an ni jedhan: **"akka wanti isaan tuqe isin tuqneef jecha warra kana irra yoo kan boossan taatan malee hin seeninaa; yoo kan hin boonye taataniif hin seeninaa."** Bukhaariitu gabaase.

Kana hubadhu. Namoonni guyyaa har'aa bashannanaafi suuraa kaasuuf ishee bira deemu. Mee xiinxali!

## 11 Wantoota dadhabina iimaanaa wallaanuu keessatti akkaan yaachiftuu taate irraa kan biraa zikrii Rabbiiti.

Isheen banamiinsa qalbiifi wallaansa isheeti. Yeroo dhukkubsattes dawaa isheeti. Ruuhii dalagaa gaariiti. Rabbiin isheetti ajajee ni jedhe: "yaa warra amantan! Faaruu baay'ee Rabbiin faarsaa." Nama zikrii kana baay'ise akka inni milkaa'us waadaa seene: "akka milkooftaniif jecha Rabbiin baay'isaa faarsaa." Rabbiin faarsuun waan hundarra guddaadha: "wallaahii zikrii Rabbiitu hundarra guddaadha." Inni dhaamsa Ergamaa Rabbii ﷺ kan nama sharii'aan Islaamaa irratti baay'atteeti: **"arrabni kee zikrii Rabbiitiin jiidhaa ta'uu irraa hin dabin."** Tirmiziitu gabaase.

Inni Rabbiinis jaalachiisaadha. Shayxaanas ari'aadha. Gaddaafi yaaddoos dhabamsiisaadha. Balbala beekumsaas

banaadha. Inni atikiltii jannataati. Inni rakkoo arrabni namatti fidu dhiisuufis sababa ta'a. inni bal'ina hiyyeeyyii warra waan saddaqatan hin qabneeti. Rabbiin zikrii isa hojii qaamaatiifi qabeenyaa bakka bu'ee iddoo isaa cufu isaaniif kenne. Zikrii Rabbii dhiisuun qalbiin goguudhaaf sababa isa guddaadha. Kanaafuu nama dadhabina iimaana isaa wallaanuu barbaaduuf zikrii Rabbii baay'isuun dirqama ta'a. Rabbiin ol ta'e ni jedhe: "yeroo dagatte Rabbii kee zakkari." Rabbiin ol ta'e jijjiirama zikriin qalbii irratti fidu ilaalchisee ni jedhe: "dhaga'aa! Zikrii Rabbiitiin raggaati." Ibn Alqayyim, Rabbiin isa haa mararfatuu, ni jedhe: "qalbii keessa goggogina zikrii Rabbii malee kan biraa hin baksinetu jira. Kanaafuu gabrichaaf gogina qalbii isaa zikriidhaan wallaanuu qaba. Namni wahii Hasan Albasriidhaan ni jedhe: "yaa Abbaa Sa'iid gogina qalbii kiyyaan sitti himadha." Innis "Zikriidhaan isa baqsi" jedhe. Kanas hubadhu. Qalbiin yeroo daguun itti baay'atte goginni itti jabaata. Yeroo inni Rabbiin yaadate akkuma rasaasni ibidda keessatti baqu goggoginni isa irraa baqa. Goggoginni qalbii immoo akka zikrii Rabbiitiin baqu waan biraatiin baqee hin beeku. Zikriin dawaa qalbiiti. Daguun immoo dhukkuba isheeti. Wallaansi ishee immoo zikriidha. Makhuul ni jedhe: "zikriin Rabbii ol ta'ee dawaadha. Zikriin namaa immoo dhukkuba" Alwaabilussayb. Zikriidhaan namni shayxaana mo'ata. Akkasuma shayxaanni warra ghaflaa mo'ata. Gariin salafaa ni jedhe: "yeroo zikriin qalbii





irraa bakka mijeeffate yoo shayxaanni itti siqi isa mo'ata. Akkuma shayxaanni yeroo namatti dhihaate mo'atu. Zikriin shayxaana irratti walitti qabamanii kun maal ta'e? isa kana namatu isa tuqe jedhu." Hedduun namoota shayxaanni isaan tuqxuu warra ghaflaa kan zikriidhaan of hin tiksineedha. Kanaafuu shayxaanaaf isaanirratti wal makuun laafe. Gariin warra dadhabina iimaanaa himatanuu gariin gosa wallaansaa isaan irratti ni ulfaata. Fakkeenyaaf salaata layliifi sunnaalee biraa. Kanaafuu kan isaaniin malu wallaansa isa zikrii kanaatiin jalqabuudhaan isarratti bareechanii xiyyeeffatanii zikriiwwan yeroo hunda jedhaman haffazanii isaa deddeebisu. Fakkeenyaaf 'laa ilaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lahuu lahul mulku walahul hamdu. Wahuwa alaa kulli shay'in qadiir' Hiikti isaas "Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru, inni tokkicha; shariikni isaaf hin jiru. Mootummaanis kan isaati; faaruunis kan isaati. Inni waan hunda irrattuu danda'aa dha., 'subhaanallaahi wabihamdihii wa subhaanallaahil aziim' hiikti isaa 'faaruu isaa waliinin qulqullina Rabbiif malu isa qulqulleessa; Rabbii guddaan qulqullina isaaf malu isa qulqulleessa.', 'laa hawla walaa quwwata illaa billaah' hiikti isaa 'malaafi humni Rabbi biraa malee hin jiru.' Kan biroollee ni jira. Akkasumas zikriiwwan murtaa'an kan hadiisaan dhufan haffazanii yeroo waqtiin isaa dhihaate yookiin bakki isaa dhihaate bareechanii isa deddeebisuudha. Fakkeenyaaf zikriiwwan ganamaafi galgalaa, kan hirribaa, kan abjuu, kan nyaataa,

mana fincaanii, imalaa, roobaa, azaanaa, masjida seenuu, salaata istikhaaraa, yeroo musiibaa, iddoo awwaalaa, yeroo qilleensaa, baatii arguu, geejjiba irra taa'uu, nagaa gaafachuu, yeroo axxifate, yeroo lukkuun iyyite, iyya harree, iyya saree (dutuu), kaffaaraa bakka taa'ichaatii ka'anuu, warra rakkoon tuqeefi kkf dha. Namni kana irratti tikfate shakkii tokko malee jijjiirama qalbii isaa arga.

**12 Wantoota iimaana haaromsan irraa kan biraa immoo Rabbiin sirrii haasa'uufi fuuldura isaatti qalbii cabuudha.**

Gabrichi tokko hanga qalbiin isaa gadi jedhuun irra gara Rabbiitti dhihaata. Kanaafuu Ergamaan Rabbii ﷺ jedhan: **"yeroon namni irra gara Rabbiitti dhihaatu sujuudii keessatti; kanaafuu isa keessa du'aa'ii baay'isaa."** Muslimtu gabaase.

Sababni isaas haalli sujuudii of xiqqeessuufi of gadi qabuu haala biraa keessa hin jirretu ishee keessa jira. Gabrichi yeroo funyaan isaa ishee irra kabajamtuu taate lafa kaa'e Rabbitti irra dhihoo ta'e. Ibn Alqayyim, Rabbiin isa haa mararfatuu, haasaa gaarii arraba of xinneessuu qalbii cabuu nama gara Rabbii deebi'uutiin ni jedhe: "Nan ajaa'ibsiifadha! jecha namicha haala kana keessatti jedhuu maaltu akkana mi'eesse! Guddina keetiifi xinneenya kootiinin akka ati na mararfattu si kadha; humna keetiifi dadhabbii kootiin, narraa duroomuu keetiifi sitti haajomuu





keetiinin si kadha; kunoo sammuun kiyya kijibduun dogongortuun fuuldura keeti; gabroonni kan kee ana malee baay'eedha; sirraa dabiinsiifi nagaa ba'uun gara keetti malee hin jiru. Kadhaa hiyyeessaan si kadha; watwaannaa nama of xinneessuun sitti watwaata. Kadhaa nama sodaataa miidhamaan si kadha; du'aa'ii nama mormi isaa siif gadi jetteefi funyaan isaa siif lafatti rigamteen, ijji isaa lamaan imimmaan siif dhangalaatee, qalbiin isaas siif laafeen si kadha." Gabrichi yeroo Rabbii isaatiin dubbataa jecha akkanaa jedhe iimaanni qalbii isaa keessatti dachaa heddu dabalama. Akkuma kanas hiyyummaa ofii gama Rabbiitti mul'isuun waan iimaana jabeessu irraayi. Rabbiin ol ta'e immoo nuti hiyyeessa gara isaatti haajomu ta'uu nutti hime:

﴿فَأَمَّا عَادٌ فَٱسْتَكْبَرُوا۟ فِى ٱلْأَرْضِ بِغَيْرِ ٱلْحَقِّ وَقَالُوا۟ مَنْ أَشَدُّ مِنَّا قُوَّةً ۖ أَوَلَمْ يَرَوْا۟ أَنَّ ٱللَّهَ ٱلَّذِى خَلَقَهُمْ هُوَ أَشَدُّ مِنْهُمْ قُوَّةً ۖ وَكَانُوا۟ بِـَٔايَٰتِنَا يَجْحَدُونَ﴾ [فصلت: ١٥]

***"yaa namootaa! Isin gama Rabbiitti haajomoodha; Rabbiin isatu dureessa faarfamaadha."*** (Faaxir: 15).

**13 Hawwii gabaabsuu:**

Inni kun iimaana haaromsuu keessatti akkaan yaachisaadha; Ibn Alqayyim ni jedhe:

﴿أَفَرَءَيْتَ إِن مَّتَّعْنَٰهُمْ سِنِينَ ﴿٢٠٥﴾ ثُمَّ جَآءَهُم مَّا كَانُوا۟ يُوعَدُونَ ﴿٢٠٦﴾ مَآ أَغْنَىٰ عَنْهُم مَّا كَانُوا۟ يُمَتَّعُونَ﴾ [الشعراء: ٢٠٥–٢٠٧]

***"irra waa'ee kanaa keessatti dubbat aayata itti aanu***

***kana “Mee naaf himi! Odoo waggoota hedduuf akka qanani’an isaan goonee, Sana booda wanti isaan ittiin akeekkachiifamaa turan isaanitti dhufee,Wanti isaan ittiin qanani’aa turan (adaba Rabbii irraa) maal isaan irraa deebisa?”*** (Ashu’araa: 205-207).

“akka waan sa’aatii guyyaa irraa ta’e malee hin turiniiti.” Kun immoo addunyaa cufa. Namni hawwii isaa dheeressee ‘siichin hangana jiraadha; nan jiraadha’ hin jedhin. Salafni wahii nama tokkoon ni jedhe: “zhuhrii nu salaachisi.” Namichis “yoon Zhuhrii isin salaachise Asrii isin hin salaachisu” jedhe. Salafichis “ati akka waan hanga salaata Asriitti jiraachuu abdattuuti; hawwii dheerachuu irraa Rabbitti maganfanna.”

### 14 Xinneenya duuniyaa xiinxaluu:

Kun immoo akka qalbii gabrichaa irraa duniyaatti rarra’uun baduuf gargaara. Rabbiin ol ta’e ni jedhe: “jiruun addunyaa meeshaa gowwoomsituu malee homaa miti.” Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: “nyaanni ilmaan Aadam addunyaadhaaf fakkeenya godhame; mee waan ilmaan Aadam irraa ba’u odoma inni isa bareechee ashaboo itti naqee nyaateeyyuu ilaali. Wanti inni ta’uuf deemu beekameera.” Axxabraaniitu Kabiir keessatti gabaase. Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira. Abuu Hurayraa irraa odeeffamee ؓ ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii ﷺ jedhanuun dhaga’e: **“addunyaan abaaramtuudha; wanti ishee keessaas abaaramtuudha. Garuu zikriin Rabbii, namni isarratti moo’e, beekaa yookiin barataa malee.”** Ibn Maajaahtu gabaase. Inni Sahiih Attarghiib Wattarhiib keessas ni jira.



### 15 Ammas wantoota iimaana qalbii keessatti haaromsu keessaa kan biraa kabajaa mallattoolee amantii eeguudha.

Rabbiin ol ta’e ni jedhe: “Namni mallattoolee amantii Rabbii kabajes, dhugumatti sun onneen sodaa (Rabbii) qabaachuu irraayi.” Hurumaanni Rabbii kun haqa Rabbiiti. Isheen immoo nama tokko keessa, bakka murtaa’e keessa yookiin immoo yeroo murtaa’e keessatti ta’uun ni mala. Fakkeenyaaf hurumaata Rabbii nama dhuunfaa keessatti kabajuun tokko haqa Rasuulaa ﷺ guutuudha. Mallattoolee Rabbii bakka murtaa’e keessatti kabajuun Haramiin kabajuu fa’i. Mallattoolee Rabbii yeroo murtaa’e keessatti kabajuun immoo ji’a Ramadaanaa kabajuu fa’i.

﴿ذَٰلِكَ وَمَن يُعَظِّمْ حُرُمَٰتِ ٱللَّهِ فَهُوَ خَيْرٌ لَّهُۥ عِندَ رَبِّهِۦ ۗ وَأُحِلَّتْ لَكُمُ ٱلْأَنْعَٰمُ إِلَّا مَا يُتْلَىٰ عَلَيْكُمْ ۖ فَٱجْتَنِبُوا۟ ٱلرِّجْسَ مِنَ ٱلْأَوْثَٰنِ وَٱجْتَنِبُوا۟ قَوْلَ ٱلزُّورِ﴾ [الحج: ٣٠]

***“Namni wantoota Rabbiin kabaje guddise, Gooftaa isaa biratti sanatu isaaf caala.”*** (Alhajji: 30).

Ammas mallattoolee Rabbii guddisuu irraa kan biraa dilii xixiqqoo tuffachuu dhiisuudha. Abdullaah bin Mas’uud irraa odeeffamee ؓ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “diliiwwan xiqqeeffachuu irraa bareechaa fagaadhaa; isheen

nama irratti walitti qabamtee isa dhabamsiifte." Ahmadtu gabaase. Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira. Ergamaan Rabbii ﷺ fakkeenya isaaniif godhan: akka ummata dachii gammoojjii wahii qubatanii yeroon hojii ummataa ga'ee namni tokko muka tokkicha fide, kaanis muka fida; haaluma kanaan qoraan baay'eesaa walitti qaban. Achumaan ibidda qabsiisanii waan irra kaayyatan bilcheeffatan.

Ibn Aljawziin, Rabbiin isa haa mararfatuu, Sayd Alkhaaxiriin keessatti jedhe: "namoonni baay'een wantoota xiqqoodha jedhanii yaadan baay'inaan hojjatu; isheen immoo hundee diinii madeessiti. Fakkeenyaaf haraama ilaaluu keessatti ija gadi dhiisuu, gariin barattootaa kitaaba tokko ergifatanii deebisuu dhiisuu fa'i." Gariin salafaa ni jedhan: "luqmaa tokkittiin laafaatti ilaalee ishee fudhee ani kunoo har'a waggaa afurtamaaf gara duubaan deemaara." Kun of gadi qabuu isaati, Rabbiin isa haa mararfatu.

### 16 walaa'aafi baraa'a.

Ammas wantoota iimaana qalbii keessatti haaromsan keessaa kan biraa immoo walaa'aafi baraa'a.

Kana jechuun Mu'umintoota jaalachuufi Kaafiroota warra diinaa jibbuudha. Kunis sababni isaa qalbiin yeroo diina Rabbiitiin walitti rarra'e baay'ee dadhaba. Hiikti aqiidaas isa keessatti daakamee dhuma. Yeroo jaalala Rabbiif qofa taasise gabroota Rabbii mu'umintoota jaallatee isaan tumsa; akkasumas diinota Rabbii diina godhatee isaan jibba. Kun immoo iimaanaan qalbii isaa fayyisa.





### 17 Of gadi qabuunis iimaana haaromsuufi

qalbii dandaa'uu kooraa irraa qulqulleessuu keessatti gahee guddaa qaba.

Sababni isaas namni haasaa, gochaafi ilaalcha keessatti of gadi qabuun qalbiin isaa Rabbiif gadi jechuu akeeka. Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"jiruu keessatti of gadi qabuun iimaana irraayi."** Ibn Maajaahtu gabaase.

Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira. Ammas Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: **"namni odoo danda'uu huccuu wahii Rabbiif jecha dhiise Rabbiin Guyyaa Qiyaamaa matoolee uumama hundaa irratti isa waamee faaya iimaanaa irraa kan fedhe isa filachiisa."** Tirmiziitu gabaase. Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira.

### 18 Dalagaaleen qalbiis kan iimaana haaromsuu keessatti gahee guddaa qabu ni jira.

Fakkeenyaaf jaalala Rabbii, isa sodaachuufi kajeeluu, Isatti yaada toluu, Isarratti hirkachuu, Isaafi murtii Isaas jaalachuu, Isa galateeffachuu, Isa waliin nama dhugaa ta'uu, Isarratti abdii gatuu, gara Isaa deebi'uufi hojiilee biraallee kan dalagaa qalbii irraa ta'aniidha. Ejjannoowwan gabrichaaf barbaachisan kan akka istiqaamaa, tawbaa, yayyaadachuu, Qur'aanaafi hadiisa qabachuu, of gadi qabuu, zuhdii (addunyaa irraa yaada gabaabsuu), sodaa Rabbiifi of qeexuun

wallaansa guuttachuuf jecha barbaachisu. Ibn Alqayyim, Rabbiin isa haa mararfatuu, waa’ee kanaa keessatti kitaaba Madaarij Assaalikiin jedhu keessatti ballisee dubbateera.

**19 Lubbuu ofii qormaatuun iimaana haaromsuu keessatti akkaan barbaachiftuudha.**

Rabbiin ol ta’e ni jedhe:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱتَّقُواْ ٱللَّهَ وَلۡتَنظُرۡ نَفۡسٞ مَّا قَدَّمَتۡ لِغَدٖۖ وَٱتَّقُواْ ٱللَّهَۚ إِنَّ ٱللَّهَ خَبِيرُۢ بِمَا تَعۡمَلُونَ﴾ [الحشر: ١٨]

***“Yaa warra (Rabbitti) amantan! Rabbiin sodaadhaa. Lubbuun kamuu waan boriif dabarfatte haa ilaaltu.”*** (Alhashr: 18).

Umar bin Alkhaxxaab irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: “odoo hin qormaatamin dura lubbuu keessan qormaataa.” Muslimni kamuu yeroo isa lubbuu isaa qofaan kophaa bahu, ishee to’atu, ishee qormaatuufi akkaataa ishee ilaalu, guyyaa gara Rabbii deebiitiifis maal akka dabarse ilaalu qabaachuun dirqama.

**20 Dhuma irratti du’aa’iin Rabbii sababa hunda irraa akkaan jabaadha.**

Gabricha kam irrattuu ishee keessatti yeroo dabarsuun barbaachisaa ta’a. Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: **“iimaanni akkuma huccuun moofa’ee ciccitutti garaa keessan keessatti moofa’ee ciccita. Rabbiin iimaana qalbii keessan keessatti siniif haaromsuu kadhaa.”** Haakimtu gabaase. Inni Silsilaa Sahiihaa keessas ni jira.




Yaa Rabbi nuti maqoolee kee gaggaariifi amaloota kee ol aanaadhaan iimaanaa qalbii keenya keessatti haaromsuu si kadhanna. Yaa Rabbi iimaana gara keenyatti jaalatamsiisi; qalbii keenya keessattis isa nuuf bareechi. Kufrii, fincilaafi dilii immoo nu jibbisiisi. Warra qajeeloo irraas nu taasisi. Rabbii guddaa ta’Ergamaan Rabbii ﷺ qulqullina Isaan malu isa qulqulleessa. Nageenyi ergamoota irra haa jiraatu. Faaruun hunduu kan Rabbii gooftaa aalamaati.

IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

GuidetoIslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH

P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126